**Yuunivarsiitii Madda Walaabuu Kolleejii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutiif Dhiyaate**

# WaraqaaQorannoo Ulaagaa Digrii Lammaffaa Barnoota AfaanOromoofi Ogbarru Gamisaan Guuttachuuf Qophaa’ee Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutiif Dhiiyaate

## Xiinxala Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8$^{ffaa}$

**Naboo Duubee Diidootiin**

**Fulbaana ,2014**

**Roobee Baalee, Itiyophiyaa**

# Yuunivarsiitii Madda Walaabuu Kolleejii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutiif Dhiyaate

## Xiinxala Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa

**Naboo Duubee Diidootiin**

**Lakk.W.E. PGAOE/019/11**

**Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digrii Lammaffaa Barnoota AfaanOromoofi Ogbarru Gamisaan Guuttachuuf Qophaa'ee Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruutiif Dhiiyaate**

**Finfinnee, 2014**

**Roobee Baalee,Itoophiyaa**

Yuunvarsiitii Madda Walaabuu Dhaabbata Qorannoo Digrii Lammaffaa Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digrii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Gamisaan Guuttachuuf Naboo Duubee Diidootiin, MataDuree “Xiinxala Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa” Jedhu Irratti Qophaa’e, Adeemsa Barbaachisu Guutee Dhiyaateedha.

Koree Qormaata _______ __________ ___________

Gorsaa Mallattoo Guyyaa

_____________ ____________ ____________

Qoraa keessaa Mallattoo Guyyaa

____________ ____________ _____________

Qoraa alaa Mallattoo Guyyaa

Dura Taa’aa Muummee yookaan Walitti qabaa sagantaa Digirii Lammaffaa

**AXEERARAA**

*Sababni qorataan qorannoo kana akka gaggeessuuf isa kakaase xiinxala qabiyyee barnoota Gadaa kitaaba baratаа kutaa 8ffaa irratti yeroo barnoonni barataaf kennamu rakkooleen kanneen akka qabiiyyee barnootaa kennamu Godinaalee Oromiyaa hunda giddugaleessa kan godhatee miti, aadaan kitaabicha gadaa kutaa 8ffaa keessatti ibsame kan naannoo Gujiifi Boorana qofa irratti xiyyeeffachuu, loqoda naannoo Booranaa fi Gujii irratti bu'uureeffachuu, seeraan hojiirra ooluudhaafi walumaa galatti kitaabin gadaa kutaa 8ffaa hanqina giddugaleessummaa Godinaalee Oromiyaa hundaa eeguu dhabuu isaati. Kaayyoon guddaan qorannichaa hanqinaalee mul'atan kanneen addaan baasee xiinxaleera.Qorataan mala qorannoo ibsaatti dhimma bayee kitaaba Gadaa kutaa 8ffaa sakatta'ee jira.Adeemsa qorannoo kanaa keessatti iddattoon mala akkayoo hojiirra oolee jira. Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanamanis sakatta'a dokimentii yoo ta'u, odeeffannoon malleen kanaan walitti qabaman mala qorannoo qulqulleeffataa yookiin akkamtaa fayyadamuun mala qorannoo ibsaatiin xiinxalameera jira. Haaluma kanaan ragaaleen xiinxalaman akka agarsiisutti, qabiyyeen kitaaba gadaa, loqoda, jechoonni itti gargaaramee, fakkiisi suuraaleen achi keessatti caqafaman Godinaalee hunda giddugaleessa kan hingodhanne ta'uu xiinxalamee jira. kitaabin gadaa qabiyyee akkamitiin akka eegale, haala kitaabin ittiin maxxanfame, qabiyyeen isaa akkamitti akka qophaa'e, xiinxalamee jira. Haaluma walfakkaatuun, babal'ina amantaa jiraachuu irraa kan ka'e hawaasichi gara amantaa hordofutti waan jiraniifi ammayyummaan baba'achuu irraa kan ka'e itti fayyadama sirnichaa laaffisaadhufeera.Qaamoleen dhimmi isaanilaallatu,qopheessota sirna barnoota gadaa irraa eegalee qamoleen barnoota irratti hojjetan sadarkaa sadarkaan kan jiraniifi hayyoonnii gadaayeroo yeroon qabiiyyee barnootaa kanneen madaaluu,hordoffii walirraa hin cinne gochuufi foyyaa'insa qorannaan deeggarame osoo godhanii gaariidha.*

**Galata**

Hunda Dura hojii kanarratti adda dureendhaan, beekumsa qaban osoo hinqusatin, qorannoon kuni akka milkaa'ugochuu isaaniitttin, akkasumaas, yeroo isaanii aarsaa gochuun dadhabe, hifadhe osoo, hinjedhin, barreeffama waraqaa qorannoo kana jalqabaa irraa hanga xumuraatti gorsuudhaan kan sirrii hintaane akka sirressu gargaarsa ogummaa isaanii kan naaf taasisan gorsaa koo Dr. Birhaanuu Taakkala jaalala onneerraa maddeen galateeffadha.

Akkasumaas barataa MA Afaan Oromoo, Waggaa lammaffaa, Kadiir Mohaammad, nuffii malee odeeffannoobarbaachisu naaf kenneef galanni isaa guddaadha. Akkasumas obboo Sheekoo Roobaa Dura Bu'aa Mana Barnoota Jiddu Galeessa Sad, tokkooffaa 1-8tii Godina Arsii/ Lixaa Magaalaa Dodolaa, Qorataa seenaa Waajjira Aadaafi Tuuriziimii Aanaa Dodolaa osoo hin galateeffatiin bira hin darbu.

Dhumarratti waa'ee koo tasa gaarii malee hamaa dhaga'uu kan hinfeene, bakka gaarii gahuu akkaan qabu yeroo hunda kan naaf hawwan, Haadha manaa koo Bashaa Juullaa galata guddaa galchaaf, akkasumasi, waaqayyoon isiniif haa kafaluun jedha. Dabalees namoota muuxannoo jireenya isaanii irraa galma gahiinsa qorannoo kanaatiif waan beekan hunda osoo hin qusatin naaf qoodan hunda galateeffachuun barbaada.

**GABAAJEEWWAN**

Gabaajewwan armaan gaditti tarreeffaman kanneen qorannoo kana keessaa bakka gargaaraa galanii waan jiraniif akka nama waraqaa qorannoo kana dubbisutti gufuu hintaane hiika isaan bakka bu'an waliin dhiyaatanii jiran.

B.G_________________Barnoota Gadaa

B. A. T O_____________Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa

A.G _________________Abbaa Gadaa

K. B _________________Kitaaba Barataa

M. B._________________Ministeera Barnoota

Q. B _________________ Qajeelcha Barsiisaa

Q.Q.Q.Q.S.B___________Qajeelchaa Qophii, Qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnootaa.

M.B __________________ Mana Barnootaa

**HIIKA JECHOOTAA**

Gaaleewwan kanaa gaditti ibsaman qorannoo kana keessatti kan argamaniidha. Kanaaf namoota qorannoo kana dubbisan akka hin danqineef jechaan hiikni isaa ibsameera.

| | |
|---|---|
| Abbaa Gadaa Dursaa | Abboottii Gadaa |
| Abbaa diinagdee | dursaa diinagdee |
| Abbaa seeraa | sirna Gadaa keessatti kan seera tumu |
| Ayyaantuu | Dhaha Dhooftuu |
| Baaliguda | Baallee Guchii, MallattooBaallii, aangoo bulchiinsaa. |
| Baallii | aangoo |
| Bantii | Rifeensa sammuu gubbaa geengoo xiqqoo haadamu |
| Bokkuu mallattoo | aangoo sirna Gadaa Oromoo |
| Doorii | qaadhimamaa(Aangoof) |
| Gadaa | sirna bulchiinsa ummata Oromoo |
| Galma | bakka walgahii |
| Gogeessa Shanan | Miseensa Sirna Gadaa |
| Qaalluu | raagduu, kaadhattuu (Waaqa) |
| Ginna | Ulmaa, Dhoksaa |
| Ginya Buufaattoo | Mataa Buufachoo |
| Jifuu | Qooda, Gahee |
| Jifaaruu | Faayuu |
| Irboora | Faaya abbaan gadaa irreetti kaayyatu |
| Kochee | Gosa Nyaata Garbuu yookiin foon irraa hojjatamu |

| | |
|---|---|
| Kora | Yaa'a |
| Luba | Nama gulantaalee gadaa shanan seeraan hulluuqe |
| Lubooma | Gadooma |

## TARREEFFAMA GABATEEWWANII

Tarreeffama gabateewwanii armaan gaditti dhihaatan gabaasa qorannoo kana keessatti argaman kan lakkoofsa fuula isaa mul'isuudha.

Gabatee 1. Sirna Gadaa yeroo ammaa naannoo keessanitti gaggeeffamaa-----------------------------38

Gabatee 2. Qabiiyyeen kitaaba sirna Gadaa kitaaba kutaa 8ffaa barataan hubataa-------------------40

Gabatee 3. Ergaan Qabiiyyee kitaabicha keessatti ulfaata jedhaman fakkeenyaafiibsaan deeggaramee jiraa---42

Gabatee 4. Fayyadamni afaanii kitaaba kana keessatti jiru kan kitaabilee biro Wajjiin walfakkaataa--44

Gabatee 5 . Qabiiyyeen kitaaba keessatti dhiyaate boqonnaa boqonnatti adda bahee jiraa----------46

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axeerara…………………………………………………………………………...iii

Galata….……………………………………………………………………….iv

Gabajeewwan…………………………………………………………………v

Hiika Jechootaa………………………………………………………………vi

Tarree Gabateewwanii………………………………………………………viii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........................................................................................... 1

1.1.Seen-duubee Qorannichaa.......................................................... **Error! Bookmark not defined.**

**1.2. Ka'umsa Qorannichaa** ........................................................................................... 5

1.3.Kaayyoo Qorannichaa ............................................................... **Error! Bookmark not defined.**

1.3.1.Kaayyoo Gooroo.................................................................. **Error! Bookmark not defined.**

1.3.2. Kaayyoo Gooree ................................................................. **Error! Bookmark not defined.**

1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa .................................................. **Error! Bookmark not defined.**

1.5. Daangaa Qorannichaa .............................................................. **Error! Bookmark not defined.**

1.6.Hanqinna Qorannichaa .............................................................. **Error! Bookmark not defined.**

**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMMII** ............................................. 9

**2.1. Maalummaa Sirna Barnootaa**.................................................. **Error! Bookmark not defined.**

**2.1.2. Meeshaalee Sirna Barnootaa** ............................................ **Error! Bookmark not defined.**

**2.1.2.1.Silabasii** ....................................................................... **Error! Bookmark not defined.**

**2.1.2.2. Kitaaba Barataa** ........................................................................................ 14

**2.2.Maalummaa Sirna Gadaa** ........................................................................................ 17

**2.2.2.3.Gahee Sadarkaalee Gadaa** ......................................................................... 21

**2.2..3.1.Maxxaarii (seelee):** ................................................................................... 21

**2.2.3.2.Rubboo (Gaammee Xixiqqaa):** ................................................................... 22

**2.2.3.3.Goobamaa (Gaammee Gurguddaa):** 23

**2.2.3.4.Kuusaa** 23

**2.2.3.5.Raabaa Doorii:** 24

**2.2.3.6.Qondaalaa (Gadoomaa):** 24

**2.2.3.7.Yuuba 1ffaa:** 24

**2.2.3.8.Gadaa yuuba 2ffaa** 25

**2.2.3.9.Yuuba 3ffaa:** 25

**2.2.3.10.Gadamoojjii:** 25

**2.3. Gahee Dhihaannaa Kitaaba Barnootaa** 27

**2.10.Amaloota Gilgaala Gaarii** 28

**2.2.4. QRannoowwan AAntee** 29

**BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA** 30

3.1. Saxaxa Qorannichaa 30

3.2. Madda Odeeffannoo 30

**3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu** 31

**3.5. Tartiiba Odeeffannoon itti funaaname** 34

**3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo** 34

**BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE** 35

**4. 1. Xiinxala Kitaaba Barataa Gadaa Kutaa Saddeeteffaa** 35

**4.2. Sakatta'a Qabiyyee barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa** 36

**4.2.7. Haala Gahuumsa Qabiyyee Barnootaa Gadaa kutaa Kana Keessaatti** 54

**BOQONNAA SHAN:GUDUUNFAA, ARGANNOO QORANNICHAAFI YABOO** 55

**5.1. Guduunfaa** 55

**5.2. Argannoo Qorannichaa** 57

**Wabiilee** 62

**Dabalee**.......... 64

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1.Seen-Duubee Qorannichaa

Ummanni Oromoo osoo sirna gabrumma alagoota nafxanyaa Amaaraa jalatti hin kufin dura ummata sirna ittiin bulmaata mataa isaa tumatee ittiin bulaafi ittiin wal bulchaa ture akka tahe manguddoonni argaa dhageettiifi qorattoonni ni dubbatu. Sirni ummanni Oromoo tumatee ittiin walbulchaa ture kun Sirna Gadaa jedhama. Waa'ee sirna Gadaa ilaalchisee Sirni Gadaa gaafa kana jalqabe jedhamee ifatti beekkamuu baatus, ummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa bara dheeraa dura sirnichaan gaggeeffataa kan turan ta'uu mangudoonni dubbatu. Kana ilaalchisee Asaffaa Jaallataa, Baayisaa.(1971,1993)wabeeffachuun:

The indigenous gada system organized and ordered society around political, economic, social, cultural, and religious institutions (Baissa, 1971,1993; Asmerom Legesse, 1973). We do not know when and how this system emerged. However, we know that it existed as a full-fledged system at the beginningof the sixteenth century. During this century, the Oromo were underone gadaa administration(www.ajalata utk.edu).

Yaada kana irraa akka hubatamutti, Sirni Gadaa sirna ummanni Oromoo karaa siyaasaa, dinagdee,hawaasummaa,aadaafi amantisaa keessatti jaarmiya guddaafi walxaxaa jireenyaisaa kallattii maraan sakatta'uun ittiin gaggeffataa ture ta'uu isaati. JireenyiummataOromookan Sirna Gadaatiin gaggeeffamu kunis,sirna ittiin walbulchan,sirnaittiin walmuudanii bakka walbuusan, diinagdee ofii guddifatan,daangaa ofii eggatan,amantii isaanii ittiin waaqeeffatan, sirna heera ittiin tumatan, sirna waliin jireenyaa ilmaan Oromootiifi akkaataa hojiiisaanitiinumrii irratti hundaa'uun qooduufi kkf irratti heeraafi seera tumameedha.Wantoonni kun hundi walitti dhufanii hiikaa Sirna Gadaa jedhamu kanaa kennu.*(Baissa, 1971,1993; Asmerom Legesse, 1973).*

Oromoon barnooota hammayyaa qaroomina har'aa Addunyaan fiixee beekumsaa ittiin yaabbate osoo hin qabaatin, Sirna Bulchiinsa walxaxaafi qorannoo waggoota hedduu fudhachuu danda'u, kan jiruufi jireenya namaa karaa hedduudhaan gurmeessee oogganu , Sirna Gadaa; Dimokiraasii dhugaatiin wal bulachaa dhufee jira. Gadaan Oromoo waliin walitti hidhata cimaa ta'e qaba. Jireenya hawwaasa Oromoo guyyaa guyyaa keessatti hiika addaa kan qabuufi raawwiin jireenyaa martinuu qajeelfama Sirna Gadaa jalatti kan raawwatudha. Sirni Gadaa Jildii 1ffaa Asmaroomiin waabeffatee akka ibsetti,

“Gadaan Sirna waan mara of keessatti qabuufi jireenya Oromoo kallattii maraan sakatta’udha,” jedha. Gadaan Sirna Dimkiraasii namni marti itti amanee fudhatu, adeemsa hawwaasni ittiin wal hin qoodneen; tokko isa biroo irratti loogii ykn dhiibbaa kamiinillee uumuus ta’e uumsisuu bifa hin dandeenyeen keessatti hirmaatu dha. Kanaaf, Gadaan Sirna Bulchiinsaa hawwaasni Oromoo achii as dhufaan sadarkaalee itti keessatti hirmaatamu ka’ee, walii isaa ittiin oogganaa dhufedha. Adeemsa wal bulchuu sana keessatti Oromoon Waaqa tokkichatti waan amanuuf, Waaqni ammoo miidhaa namaa waan hin feeneef, Oromoon wal qixxumma namaatti haaluma waaqni fedhu sannaan amana.

Gadaan ijaarsa Sirna Dimokiraasii keessatti fakkeeenyummaa olaanaa bakka hin buufamne qaba, kana jechuun, Sirni Gadaa mataan isaa Dimokiraasiidha jchuu ta’a. Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti aangoon yeroo itti walitti kennaniifi wal harkaa fuudhan qaba. Adeemsi kun fedhiifi yaada namoota dhuunfaa ykn kan garee muraasaan oogganamuufi giddugaleessa godhatu miti.

Sirni beekkamaan ummanni Oromoo jaarraa dheeraadhaaf ittiin walbulchaa ture kun sababa koloneeffattoota nafxanyaa habashaatiin akka dhaabbatuu fi barbadaa’u taheeture.Dhabamuu qofa osoo hin tahi nafxanyonni seenaa ummata Oromoo akka hinbarroofneukkaamsaatiifi seenaafi Aadaa ummata Oromoo dabsanii barreessaa turan seenaan hin dagatu. Seenaan ummata Oromoo kunis sababa dhiibbaaafi cunqursaa nafxanyaa irraa kan ka’e bifa barreeffamaatiin barraahee akka hin teenye tahee ture yohaannisiifi Gammachuu (1986:84).

Barreessitoonni Oromoo kan yeroo ammaa seenaa ummata Oromoo barreessuu jalqabanseenaadhugaa kan barraahe argachuu dhabuun rakkachaa jiru.SeenaanUmmata Oromoobifa barreeffamaatiin dhabamus ummata keessadeemuudhaan Afoola ummatichaa irratti hundaa’uun odeeffannoo walitti qabuun akka seenaan dhugaa barraahee dhalootaaf darbugodhamaa jira.

Jaarraa 19ffaa keessa yeroo Minilik humna waraanaatiin lafa Oromoo dhunfachuu dhaaf lola bane, loltoota isaatiin bakka heddutti ajjeechaafi gochaan suukaneessaan ummata Oromoo irratti raawwatamaniiru.Oromoota yeroo sanatti miidhaan gara jabinaa irratti gaggeeffame keessaa Oromoon Tuulamaa, Arsii Baalee (1880_1886), Calanqoo (1887) fa’a akka turan hayyooleen seenaafi manguddoonni argaa dhageettii ni addeessu.

Mootichi Minilik dachee Oromiyaa qabachuuf bara (1881-1887)Gosa Ummata Oromoo Arsii irratti yeroo jaha waraana gaggeesse.Waldayohaannisiifi Gammachuu(1986:84). Kaayyoon guddaan isaas lafa ummata kana irraa fudhatee isaanumatti debisee gurguruun gabbarsiisuudha**.**Yeroo sana keessa

kaayyoon Minilik Gosoota Oromoo Oromiyaa keessa jiraatan, lafa abbaa isaanii dhiisanii, isa gabbaruun maatii isaafi qomoo isaa akka sooran, aadaa isaanii dhiisanii aadaa nafxanyootaa akka qabatan, afaan ofii dhiisanii, afaan alagaa akka fudhatan amantii isaanii dhiisanii amantii isaa akka qabatan taasisuudha

Kun kan agarsiisu Mootichi Minilik hawaasa Oromoo irratti kallattii adda addaatiin miidhaa geessaa turuu isaati. Minilika ummata Oromoo kaayyoo isaa kana fudhachuu dide ajjeessuun, harka muruun, harma muruun, fannisuundhaan gocha sukanneessaa gaggeessaa akka ture seenaan hin dagatu. Sirni kun Oromoo Bareentuma Bahaas humnaan cabsee, miidhaan gaggeesse hammana kan jedhuu miti. Erga ummata Oromoo Harargee humnaan cabsee gabroomse,sirna ittiin bulmaata sirna Gadaa, balleesseen booda sirna ittiin bulmaataa sirna malkanyaa ummata irratti fe'ee ittiin bulchaa ture.Minilik ummata Amaaraa keessaa nama tokkotokko filee gandootaOromoo adda addaa keessaatti akka muudaman godhaa ture. Malkanyoonni bakkaadda addaatti muudamankun of jalatti Ashkaroota baay'ee kan isaan kana kaadiman qaban.

Sababni Malkanyoonni kun bakka adda addaatti muudamaniifi lafti Ummata Oromoo hundi irraa fudhatamtee malkanyicha jala akka galuufi lafti irraa fudhamee deebi'ee lafa sana qotee oomishee oomishaa oomishe keessaa harka afur keessaa harka tokko qofa fudhatee kan hafee malkanyichi walitti qabee cinaafi cinaa mootummaaf akka galchuuf ture.Ummanni Oromoo dirqamaan lafa isaa dhabee, humna isaatiin lafa abbaa lafaatiif calleessaa, qoraanis cabsee maatii abbaa lafaatiif guuraa, osoo bishaan waraabuun irraa hin hafin bakka bu'oota sirna malkanyaa gabbaruuf dirqamaa ture akka maguddooni jedhanitti.Qorataanis kanuma bu'ureeffachuudhaan sirna darbeefi ammaa kana keessatti dhimmoota qabiiyyee kitaaba sirna Gadaa keessatti qorannoo mata dureen…Xiinxala qabiiyyee kitaaba barataa Sirna Gadaa kutaa sadeeteffaa jedhu gaggeeffamee akkadhalootaafdabrugochuufgaggeesseeti jira.Qorannoo kana keessatti haala qabiiyyeekitaabicha kana keessatti qophaa'ee dhihaate, jiddugaleessummaan qabiiyyee kitaaba sirna Gadaa haala ittiin barataaf dhiyaate, kitaaba barataa sirna Gadaa kutaa sadeeteffaahawaasummaa oromoo keessatti qabu, kitaaba barataa sirna gadaa loqodoota achi keessatti dhiyaate, kitaabasirna Gadaa siyaasa fi amantaalee adda addaa gaggeeffamuufi bu'aa bahiin kitaaba barataa sirnaa Gadaa kutaa saddeeteffaa xiinxalameeti jira.

Jireenyi ummata Oromoo kan Sirna Gadaatiin gaggeeffamu kunis, sirna ittiin walbulchan, sirna ittiin walmuudanii bakka walbuusan, diinagdee ofii guddifatan, daangaa ofii eggatan, amantii isaanii ittiin waaqeeffatan, sirna heera ittiin tumatan, sirna waliin jireenyaa ilmaan Oromootiifi akkaataa hojii

isaanitiin umrii irratti hundaa'uun qooduufi kkf irratti heeraafi seera tumameedha. Wantoonni kun hundi walitti dhufanii hiikaa Sirna Gadaa kana kennu. (Daraaraafi Muhaammad 2008).Tamene (2000).

Sirni beekkamaan ummanni Oromoo jaarraa dheeraadhaaf ittiin walbulchaa ture kun sababa koloneeffattoota nafxanyaa habashaatiin akka dhaabbatuufi barbadaa'u tahee ture. Dhabamuu qofa osoo hintahin nafxanyonni seenaa ummata Oromoo akka hinbarroofne ukkaamsaatiifi seenaa fi Aadaa ummata Oromoodabsanii barreessaa turan seenaan hin dagatu. Seenaan ummata Oromoo kunis sababa dhiibbaaafi cunqursaa nafxanyaa irraa kan ka'e bifa barreeffamaatiin barraahee akka hin teenye tahee ture. (Daraaraafi Muhaammad 2008).Tamene (2000).

Barreessitoonni Oromoo kan yeroo ammaa seenaa ummata Oromoo barreessuu jalqaban seenaa dhugaa kan barraahe argachuu dhabuun rakkachaa jiru. Seenaan Ummata Oromoo bifa barreeffamaatiin dhabamus ummata keessa deemuudhaan Afoola ummatichaa irratti hundaa'uun odeeffannoo walitti qabuun akka seenaan dhugaa barraahee dhalootaaf darbu godhamaa jira. Jaarraa 19ffaa keessa yeroo Minilik humna waraanaatiin lafaOromoo dhunfachuudhaaf lola bane, loltoota isaatiin bakka heddutti ajjeechaafi gochaan suukaneessaan ummata Oromoo irratti raawwatamaniiru. Oromoota yeroo sanatti miidhaan gara jabinaairratti gaggeeffame keessaa Oromoon Tuulamaa, Arsii Aanolee (1880_1886), Calanqoo (1887) fa'a akkaturan hayyoonni seenaafimanguddoonni argaa dhageettii ni addeessu. Mootichi Minilik dachee Oromiyaa qabachuuf bara (1881-1887) Gosa Ummata Oromoo Arsii irratti yeroo jaha waraana gaggeesse. Waldayohaannisiifi Gammachuu (1986). Kaayyoon guddaan isaas lafa ummata kana irraa fudhatee isaanumatti debisee gurguruun gabbarsiisuudha. Yeroo sana keessa kaayyoon Minilik Gosoota Oromoo Oromiyaa keessa jiraatan, lafa abbaa isaanii dhiisanii, isagabbaruun maatii isaafi qomoo isaa akka sooran, aadaa isaanii dhiisanii aadaa nafxanyootaa akka qabatan, afaan ofii dhiisanii, afaan alagaa akka fudhatan amantii isaanii dhiisanii amantii isaa akka qabatan taasisuudha Waldayohaannisiifi Gammachuu (1986:84).

Ummanni Oromoo sirna ittiin bulmaata mataa isaa qabuudha. Ummata aadaa, duudhaa, seenaafi falaasama mataa isaa kan qabuudha. Yeroo jalqabaaf Demokraasii Addunyaa kanatti kan dhugoomse. Ummanni Oromoo sirna lakkoofsa mataa isaa qabaatuun barnoota ammayyaa osoo hinqabaatin baroota dheeraadhaaf hojiirra oolchuudhaan Addunyaa kanaaf gumaachee jira.

Sirni barnootaa (curriculum) dhaabbata barnootaa tokko keessatti kaayyoo murtaa'e galmaan gahuuf koorsiiwwan (qabiyyeewwan) barumsaaf oolan akka waliigalaatti kan keessatti caaseeffamaniidha.

Haaluma kanaan, Nunan (1990) akka ibsutti, sirni barnootaa akka waliigalaatti duraaduuba koorsii eegee dhiheessuun akka barataan kaayyoo murta`aa barnootichaa yookaan hojichaa galmaan gahaatuuf kan gargaarudha.

Kanamalees, sirni barnootaa jalqabbi barnootaafi qabiyyeewwan, tartiiba isaan ittiin dhihaatan yeroo kennameefi muuxannoo barachuu jiruun walsimsiisuun, amala barsiisuu dhaabbatichaa, mala akkamitti akka fayyadamuuf yaada ka`umsaa karaa murtaa'aa ta`een, wantoota baruufi barsiisuuf barbaachisan (fkn, kitaabaafi teknooloojii haaraa), madaalliifi odeeffannoo barsiisotaa kan ibsudha (Braslavsky, 2005). Sirni barnootaa yeroo qophaa'u, galma barnootichaa bu'uureeffateeti kanneen jedhan xiyyeeffanna keessa galuu qabu.

Haaluma kanaan, kaayyoon barnootichaa erga qophaa'e, kaayicha galmaan kan gahan muuxannoon barnoota erga filatamani booda, gaaffiin guddaan ka'u akkaataa muuxannoowwan kunniin itticaaseeffamaniidha. Kaayyoon waraqaa kanaas qabiyyee barnoota Gadaa Imaammanni haaraan bocamee barnoota sadarkaa 1[ffaa]f akka gosa barnootaa tokkootti bara 2013 ALItti hojiirra oole Kitaaba Barataa kutaa 8[ffaa]keessaatti haala itti dhiyaate xiinxalluu ta'a.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon kun qabiyyee barnoota Gadaa Imaammanni haaraan bocamee barnoota sadarkaa 1[ffaa]f akka gosa barnootaa tokkootti bara 2013 ALItti hojiirra oole Kitaaba Barataa kutaa 8[ffaa]keessaatti dhiyaatehanqinnaalee gama qabiyyeen mul'atan sakatta'uudhaan egeree isaaf ganamumaan lafa kaa'a jedhamee yaadame. Kana irraa ka'uudhaan, qabiyyee sirna gadaa kutaalee Oromiyaa hunda qabachuu isaa, loqoda waalta'aan dhiyaachuu (fayyadama afaanii hunda galeessa) isaafi ulfaatina qabiyyee, hariiroo qabiyyeen kitaabicha keessa jiru waliin qabaniifi kutaalee biroo waliin jiru, hangam walmadaala kan jedhuudha.Sababa imaammatichi gosa barnootaa kana akka haaraatti bocameef qorannoo kanaan dura mata duree kanaan kallattiin walfakkaatu hojiirra oolee hin jiru.Loqodin qabiyyee barnootichaan kennamaa afaan yookiin jechoota naannoo hunda jiddugaleeffate waan hin taaneef.

Haata'u malee, Qoratichi Mana Barnootaa keessatti barsiisu keessatti barnootichi haaraa ta'uun walqabatee akkasumas naannoo qorataan kun jiraatutti dhiibbaalee amantaa, siyaasaa yeroo dheeraaf ture, teknolojiifi walmammakiinsi hawaasaa waan tureef sirni gadaa karaa guutuun waan hingaggeeffamneef jecha qabiyyee isaa keessatti barattoota kanaaf haaraa ta'uun walqabatee hubannoo duubaa naannoo isaaniitii qabatanii dhufan gadaanaa ta'uu, innumti dhiyaate kun, sirni Gadaa

naannoo hundatti qixa tokkoon gaggeeffamuu dhabuufi, akka naannoo naannootti loqoda naannoo murtaa'ee qofaa fayyadamuu, haalli uffannaafi suuraaleen kitaabicha keessatti dhimma bayan Godinaalee muraasa qofaa kan bakka bu'an ta'uun mataasaatti sadarkaan ulfaatina qabiyyee maal ta'inna kan jedhu irraa ka'eeti. Dabalataa sababni kitaabni kun filatameef Kitaabni Kutaa 8ff filatameefi sadarkaa isaa olitti qophaa'e kutaan isaa olii kan hinjirre ta'uu isaati. Kanaaf, akka ka'umsaatti qoratichi qabiyyee barnoota Gadaa Imaammanni haaraan bocamee Barattoota sadarkaa 1ffaaf akka gosa barnootaa tokkootti bara 2013 ALItti hojiirra oole Kitaaba Barataa kutaa 8ffaa Xiinxalla qorannoo gaggeesse.

Bu'uuruma kanaan, gaafileen qorannoon kun deebise kanneen armaan gadiiti.

- Haalli dhiyaatinsa Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa maal fakkaata?
- Qabiyyeen kitaabichaa boqonnaalee walitti aananiifi kutaa duraa (7ffaa) faanaa walitti hidhamiinsa qabaa?
- Fayyadamni afaanii barnoota Gadaa kitaaba barataa kutaa 8ffaa maal fakkaata?

### 1.3.Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1.Kaayyoo Gooroo

- Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa sakatta'uun xiinxaluudha.

#### 1.3.2.Kaayyoo Gooree

Qorannoon kun kaayyoo gooree armaan gadii ofkeessaa qaba.Isaanis:

- Qabiyyeen Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa ibsuu
- Walitti hidhamiinsi Qabiyyee boqonnaalee kitaabichaa gidduu jiruufi kutaa isa dura jiruu maal akka fakkaatu addeessuu
- Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa Fayyadama Afaanii tarreessuu

### 1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa

Barnoonni sirna Gadaa kennamuun kun hojii akka Naannoo Oromiyaatti aadaa, safuufi duudhaa ummata Oromoo egeree dhalootaatii dabarsuufi duudhaa kalee imaammanni bocamee akka gosa barnootaa tokkootti kennamuun isaa sadarkaa guddinniifi beekumsi Ummata Oromoo irra gaye kan agarsiisu qofaa osoo hintaane beekumsa Oromoo kaleessaa maal keessa akka ture ifatti kan baasuudha.

Kanaan walqabatee Yuunivarsiitii Oromiyaa keessa jiran muraasatti akka gosa barnootaa tokkootti kennamaa turus akka haaraatti sadarkaa $1^{ffaa}$ irraa eegaluun isaa bal'ina manneen barnootaafi dhiyeessii gara garaatiin walqabatee hanqinni bal'aan jiraachuun isaa beekamaadha. Kanaafu qorannoo yeroon barbaadu kanaafi kana fakkaatan gaggeeffamee qaama dhimmi ilaalu yoo dhaqqabe hanqinnoota mul'atan furuun ni danda'ama jedhamee abdatama. Haaluma kanaans, waraqaa qorannoo kanarraa qaamolee armaan gadii fayyadamtoota ta'uu nidanda'u.

Hunda caalaa Bu'aan qorannoo kanaa qaama imaammata barnootaa kana bocu bira yoo dhaqqabe hanqinnoota eeraman furuuf ga'ee ni qabaata.

Mana barnootaa barsiisu keessatti hanqinna mul'ate kana bu'uura godhachuudhaan rakkoo baruu barsiisuu Barnoota Gadaa irratti mul'ate ni fura

Qaama qorannoo mata duree kanaan walfakkaatu irratti gaggeessuf akka raacitiitti ka'umsa ta'ee ni tajaajila.

**1.5.Daangaa Qorannichaa**

Daangaa qorannoo kanaa kitaaba barataa Barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$ bara 2013 maxxansaman irratti gaggeeffamu yoo ta'u, kallattiidhaan kan irratti xiyyeeffatu xiinxala qabiyyee kitaaba Gadaa kutaa $8^{ffaa}$ Sakatta'uudhaan xiinxaluudha. Haata'u malee, kana raawwachuuf yeroo fi human guddaa barbaachisuu isaa irraa kan ka'e qoratichi kitaaba barataa Barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$ keessaa wantoota hedduu ilaaluu caalaa qabiyyee isaa qofa sakatta'uudhaa xiinxaluu irratti daanga'ee jira.

**1.6.Hanqinna Qorannichaa**

Wayita qorannoon kana gaggeessu qorataa hanqinnoonni garagaraa muudatuu danda'eera. Kanneen keessaas inni tokko, Imaammanni barnootaafi Gosti barnootaa kun haaraa ta'uun walqabatee qorannoon sadarkaa digirii 2ffaa fi sanaa olii mata duree kana irratti gaggeeffame jiraachuu dhabuufi mataduree kanaan walfakkaatu bal'inaan jiraachuu dhabuudha. Kana jechuun, qorannoon Sirna Gadaarratti gaggeeffame gahaa miti jechuudha.Kun ammoo, rakkoo hanqina wabilee ta'ee qorannicha irratti dhiibbaa taasiseera.

Dabalataan qorataan qorannoo kan gaggeessu wayta hojii idilee isaa irra jirutti waan ta'eefi wabiilee adda addaa argachuudhaan humna guddaa waan isa gaafateef rakkoon maallaqaafi yeroo isa

mudachuu danda’eera. Sababoota gara garaatiin naannoo qorataan kun jirutti Sirni Gadaa bal’inaan waan hingaggeeffamneef jecha odeeffannoo gahaafi raga quubsaa argachuu irratti rakkachuun muldhateera.

# BOQONNAA LAMA:SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMMII

Boqonnaa kun kutaalee gurguddoo afuritti qoodama. Isaanis: Maalummaa sirna barnootaa,sirna barnootaafi faayidaa isaa, walitti fufinsaafi dagaagina qabiyyee caaslugaafi qorannoowwan biyya keessaa kanneen mataduree kana waliin firoomina qaban dhiheessa.

## 2.1.Maalummaa Sirna Barnootaa

Sirna barnootaa daangaan bal'aa qaba. Sababni isaa, waa'ee mana barumsaa, barataafi barsiisaa qofaa osoo hintaanee guddina hawaasaa akka waliigalaatti kan ilaaludha. Har'a beekumsa diinagdeetiin walqabatee sirni barnootaa diinagdee biyyaa fooyyeessuu keessatti gahee olaanaa taphachaa jira.Kanamalees, haala ariifachiisaa ta'eefi rakkoo adda addaa addunyaa kana muudatuufillee deebii yookaan furmaata maddisiisuu irratti iddoo guddaa qaba. Kanarraa kan hubannu sirna barnootaa hunda galeessa ta'uu isaarraa kan ka'e; rakkoo addunyaa kana quunnamu hundaaf akkaataa barbaachisummaa isaatti fala uumuu kan danda'u ta'uusaati. Sirni barnootaa lafee dugdaa dhaabbiilee barnootaati.Kunis, akka manneen barnootaa yookaan yuuniversitiiwwan sirna barnootaatiin ala jiraachuu waan hin dandeenyeef. Barbaachisummaan sirna barnootaa barnoota idilee keessaatti jijjiiramaa yookaan guddina hawaasa uumamaa deemuu bu'uureeffachuun akka meeshaa adeemsa jijjiiramatti kan tajaajiludha. Kanaaf, akka waliigalatti sirni barnootaa ida'ama muuxannoo barnoota dhuunfaa kan mana barumsaa qofaa osoo hintaanee kan hawaasaatis, (Bilbao et al., 2008). Kana jechuun, sirni barnootaa dhimma hawaasa hundaan waan walqabateef dhabbiilee barnootaa qofaan kan daangeessinu osoo hintaane muuxannoo hawaasa illee kan dabalatu ta'uusaati. Kanaaf, akkuma dhaabbiilee barnootaaf lafee dugdaa ta'e muuxannoo hawaasaa ammoo, jiraachuu sirna barnootaaf utubaadha.

Kanamalees,akka Candlin (1987) jedhutti, sirni barnootaa baankii yookaan kuusaa dhimma baratamuufi haala kamiin daree barnootaa keessatti akka fayyadaman kan yaada kennuudha jechuun ibse. Sirni barnootaa (curriculum) dhaabata barnootaa tokko keessatti kaayyoo murtaa'ee galmaan gahuuf koorsiiwwan (qabiyyeewwan) barumsaaf oolan akka waliigalaatti kan keessatti caaseeffamanidha. Haaluma kanaan, Nunun (1990) akka ibsutti, sirni barnootaa akka waliigalaatti duraaduuba koorsii eegee dhiheessuun akka barataan kaayyoo murta`aa barnootichaa yookaan hojiichaa galmaan gahaatuuf kan gargaarudha. Sirni barnootaa qaama koorsii tokkoo hunda dhaabbata barnootaa kaminiyyuu yookaan damee isaa tokkoon dhihaatedha (Johnson, 1967). Kun kan ibsu sirni

barnoota dhaabbilee barnootaan kan qophaa'u ta'ee; qaama koorsii hunda kan ofkeessatti hammatu ta'uusaati. Sirni barnootaa yeroo qophaa'uu, galma barnootichaa bu'uureeffateeti. Kunis: -

Manni barumsichaa kaayyoowwan akkamii galmaan gahuu barbaadaa?

Kaayyoowwan kana galmaan ga'uu kan danda'an muuxannoo barnootaa isaan kamidha?

Qabiyyeewwan barnoota kun haala kamiin yoo caasseffaman sirrii ta'a?

Kaayyoowwan barnootaa kun galma gahuu isaanii maaliin mirkanneessina? kanneen jedhan xiyyeeffannaa keessa galuu qabu.

Walumaa galatti, sirni barnootaa kan saganteeffame, kaayyeeffamuun, adeemsaan guddachaa kan deemuufi sirnaawaa ta'uun addunyaa barnootaa keessatti kallattii fooyya'insaa kan uumaa deemudha. Kunis, yeroo mara jijjiiramni yookiin guddinni addunyaarratti raawwatu sirna barnootaa irratti dhiibbaa ni uuma. Kanaaf, sirni barnootaa meeshaa jijjiirama dhaaabiilee barnootaafi dhimma hawaasa hundaa waan ta'eef barbaachisummaan isaa daran olaanaadha.Kun ammoo, fedhii hawaasaa galmaan gahuuf yeroo yeroon fooyyeessuu yookiin ammayyeessu gaafata (Mary, 2015).

Sirna barnoota hiika tokkoon teechisuun hin danda'amu.Sababni,isaas, sirni barnootaa yaadrimee bal'aa ofkeessatti hammatee jira.Yaad-rimee bal'aa qabaachuun isaa kun immoo kallattii garagaraatiin akka hiika argatu godhee jira.Beektonnibaay'een sirriitti gadifageenyaan qorannoo gaggeessanullee qorannoo isaanii hiika tokkoon, kaayuu, hindandeenye.Sababniisaas, Hayyoonni hundinuu hubannoon sirna barnootaarratti qaban adda adda waan ta'eef.Sababni isaas, haallifi daangaan isaan keessatti ilaalanii hubachuun hiika itti laatan adda addawaanta'eefi. Dublinif Olshtain(1986).Sirna barnootaa yemmuu ibsan, sirni barnootaa yemmuu qophaa'u wantoota akka hawaasummaa, falaasamaa, bulchiinsaafi imaammataa ofkeessatti qabateegalmee sadarkaa biyyaatitti kan qophaa'u ta'uusaa ibsuAkkasumas,sirni barnoota afaaniiqaama dagaagina sagantaa barnootaafi qorannoo sirna barnootaati.Sirni kun imaammata waa'ee barnootaasadarkaa hundattuu waan hunda kan of keessatti qabatuudha. Richardas.(2001 :14) sirna barnoota afaanii ilaalchisee yaada isaa akka armaan gaditti kaa'a.

Akkasumas,Yalden(1987),sirna barnootaa yoo ibsitu,sirni barnootaa yoo qophaa'u kanneen akka galma,kaayyoowwan,qabiyyeewwan barnootaa, leeccalloofi sirna madaallii waliigalaa adeemsa baruufi barsiisuu kan ofkeessatti qabateefi barnoota muuxannoo barattootaa giddugaleeffate manneen

barnootaa keessaafi alatis saganteefamee barattootaf laatamuuf kan qophaa'udha jettee ibsiti.Yaada kanarraa wanti hubannu sirni barnootaa yeroo qophaa'u gaaffiiwwan bu'uuraa kanneen akka maal barsiifna/baranna?,yoom barsiifna/baranna?, eessatti barsiifna/ baranna?,

Akkamittibarsiifna/baranna?,maaliifbaranna/barsiifna?,eenyuunbarsiifna?,eenyutubarsiisa?,maaliinbarsiifna/baranna?, akkamiin madaalla/ madaallamna? haala madaalliikan jedhaniif sirna barnootaa keessatti qabatamaan kandeebii argatan ta'uudhatu hubatama.

Sirna barnootaa yeroo garagaraatti hiikkaan adda addaa kan itti laattamu ta'ullee,yammuu qophaa'utti wantootni xiyyeeffannoo argachuu qaban kanneen akka kaayyoo barnootichaa, haala barattootaa, bakka barnootichi hojiirra itti kennamu,sirna barnootichaa hojiirra oolchuufi madaaluu akka ta'e Nunan(1988)ni ibsiti.Yaada kanarraa wanti hubatamu sirni barnootaa tokko yemmuu qophaa'u karoora,kaayyoofi galma qabaachuu qaba.Dabalataanis, barattoonni sirni barnootaa qophaa'uuf sun xiyyeeffannoo keessa galuu qabu.kana jechuun ,umrii, saala, dandeetti, beekumsa, gahuumsaafi fedhiin isaanii hubatamuu qaba. Akkasumas, bakki sirni barnootaa hojiirra itti oolu sun sirriitti itti yaaddamuu qaba.Kunis mana baruumsaa keessatti meeshaaleen barnootaa gahaan jiraa?Barsiisaan afaansan barsiisu afaan sana sirriittidanda'aa?beekkumsa gahaa qabaa?dandeettii gahaa qabaa?gahuumsa qabaa?leenji'eeraa?kan jedhu ilaaluu yoo ta'u,sirna barnootaa hojiirra oolchuufimadaaluunis daran barbaachisaa akka ta'e ibsiti.Dabalataanis,Nunan(1988:13-14),yoo ibsitu,qophii sirna barnootaa keessatti modeelii adeemsa wantoota barbaachisu sadi of keessatti qabata.kunis,waan karoorfame caalaa waan hojiirra oole sakatta'uu xiyyeeffata,qophii sirna barnootaa keessatti shoora barsiisonni qabaniif bakka laata,jijjiirraan sirna barnootaa karaa kallattiin gara kutaa dhaquu kan danda'u,yoo barsiisonni jijjiirama sirna barnootaa keessatti bakka argatan,gahuumsa qabaniin karaa sakatta'uufi deebii isaanii ibsuutiin sirriitti hirmaatan qofa.Firi qabeessummaan qophii sirna barnootaas dagaaggina gahuumsa barsiisotaa irraa argama jetteeti ibsiti.Yaada kanarra wanti hubatamu sirni barnootaa yammuu qophaa'uu qaama dhimmicha hojiirra oolchu ilaalcha keessa seensisuun qopheessuun barbaachisaa dha.Qaamni hojiirra oolchu sunis barsiisota waan ta'aniif barsiisonni qophii sirna barnootaa keessatti bakka qabaachuu qabu.Keessumattuu meeshaaleen sirna barnootaa hammam walsimannaa akka qaban gadifageenyaan kan hubachuufi eeruu danda'an barsiisota sana dha.

Akkasumas,qopheessitoonni qophii sirna barnootakeessatti haala jiruufi jireenya hawaasichaa sirni barnoota sun qophaa'uuf san addaan baasanii xiyyeeffannoo itti laachuu qabu.Kunis, naannoo, aadaa,

duudhaa, afaan, fedhii, hawwiifi safuu hawaasichaa daran beekuun barbaachisaa dha.Kunis,hunda caalaa kan ibsaman afaan hawaasichi dubbatuun ta'uu qaba.Kanaafuu,bu'a qabeessummaan sirna barnootaa qophaa'u sana hanga hubannoo dhimmoota hawaasaa sanaarratti qopheessittoonni sun qabaniirratti hundaa'a.Kunniin hundi ammoo, afaan haalli jiruufi jireenyi hawaasichaa ittiin ibsamu san, caasaa isaa, jechoota isaa,ogbarruu isaafi kkf hunda haalaan hubachuu barbaada.Sababni isaa caasaan afaan tokkoohayyoota irraa osoo hintaane,dubbattoota afaanichaarraa madda.Duraaduubni jechoonni hima keessatti qaban,tajaajilli isaanii,jechooni kamfaan akka hawaasicha keessatti maqaan hindhahamnerrattihubanoon hayyootaa kitaabicha qohpeessanii gahaa ta'uu qaba.Addunyaa (2014:5),kaayyoofi galmi barnootaa kan bira gahamuu danda,u yaaliin sirna barnootaa mijataa ta'e manneen barnootaaf qopheessuun walitti fufiinsaan yoo, gaggeeffameedha. Akkasumas,manneenbarnootaa kanneen kallattii sirriin hojiirra oolchaniif sirna barnootaa mijataa ta'e dhiheessuun kan danda'amu gadi fageenyaan waa'ee barsiisotaa,barattootaafi haala qabatama naannoo jiru beekuun barbaachisaadha.Sababni kana ta'uu danda'uuf hojiirra oolmaan sirna barnootaa bakka sanatti waanta'eefi dha

Dimshaashumatti sirni barnootaasiyaasaafi falaasama biyya tokkoo irratti hundaa'uun fedhii barattootaafi hawaasaa xiyyeeffannoo keessa seensisuun jijjiirama hojmaataafi ilaalchaa fiduuf sadarkaa biyyaattikanbocamu adeemsakaroora qindoominaa, gamaaggamaa, madaalliifi bulchiinsaa sagantaa ta'uu isaa ogeessonni kanaa olii ni ibsu.

### 2.1.1.Meeshaalee Sirna Barnootaa.

#### 2.1.1.Silabasii

Silabasiin qophii sirna barnoota keessatti ragaa isa guddaafi qabatamaa odeeffannowwan qaamolee sirna barnootaatiidabarsuuftajaajiluudha. Yaada kana dhaabbanni NEK- International (1999:39)DublinfiOlshtain(1986) waabeffachuun yoo ibsu,

> "The syllabus is one of the important curriculum tools via which curriculum developers convey information to teachers,learners, textbook writers,directors,etc.and amore detailed and operational statements of teaching and learning activities."jedha.

Akka yaada kanaarraa hubatamutti silabasiin meeshaa barnootaa isa daran barbaachisaa ta'ee gahee olaanaa qabuufi kan qopheessitoonni sirna barnootaa odeeffannoo qaamolee sirna barnootaa kanneen

akka barsiisotaafi barattootaaf, qopheessitoota kitabilee barnootafi dura taa’otaaf odeffannoo waa’ee barnootaafi gochaawwan baruufi barsiisuu ittiin daddarbu ta’uu hubanna.

Kanamalees,barreeffamoonni biyya keessaa tokko tokko waa’ee silabasii haala kanaa gadiitiin ibsa itti laataniiru Kanneen keessaa qajeelchi qophii qo’annoofi qorannoo sirna barnootaa BBO(1995/2003)akkaataa kanaa gadiitiin ibsa.

Siilabasiin qophii sirna barnoota keessatti meeshaa gahee guddaa qabu. Gaheen isaa kunis akaakuu barumsaa tokkoof kaayyoowwan fiixaan bahuu qaban, qabiyyeewwan kaayyoowwaniif mijaawaa ta’an,wayitiilee qabiyyeewwaniif ramadaman, malaafi tartiiba dhiyeessa barnootafi tooftaa madaallii hojii barnootaa hunda ifaan kan agarsiisu jechuudhaan ibsa.

Akka yaada kanarraa hubatamutti silabasiin adeemsa qophii sirna barnootaa keessatti meeshaa gahee guddaa qabu ta’ee,kaayyoowwan barnoota tokkoof kaayaman tokko haalaa hojiirra oolmaa isaaniifi haala madaallii isaanii kallattii kan agarsiisu ta’uusaa hubanna. Bifuma kanaan silabasiin barnootaa sirna barnootaafi imaammaafi leenjii barnootaarratti hundaa’ee kan qophaa’uu ta’uusaafi meeshaa sagantaa barnootaa fiixaan baasuuf qophaa’an keessaa isa baayee barbaachisaa dha.Akkasumas,silabasiin meeshaa barnootaa kanneen akka kitaaba barataafi qajeelchaa barsiisaatiif bu’uura akka ta’eefi imaammata barnootaarratti hundaa’ee kan qophaa’u ta’uu qopheessitoon sirna barnootaa kunneen sirriitti ibsaniiru.Dabalataanis,sirna barnoota keessatti,meeshaan barnootaa kaayyoofi galma imaammata barnootaafi leenjiirratti hundaa’ee wanta qophaa’uuf wanta inni of keessatti hammatu beekuun barbabaachiisaadha.Sababnis siilabasiin qophii meeshaalee barnootaa kan akka kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaatiif bu’uura ta’uusaatti jechuudha.

Silabasiin adeemsa qophii sirna barnootaa keessatti sadarkaa koorsiin kaayyoolee qabatamaatti haala madaallamuu danda’uun caccabee dhiyaatuudha.Mata dureen ykn qabiyyeen yeroo beekkame keessatti hammatamu,mala baruu-barsiisuu kan barbaachisummaan koorsiifi haalli qorumsaa

Ragaa barruu waan barattoonni dhuma koorsiitti beekuun irra jiru ibsu,ragaan barruu kan Yeroo koorsiin kennamu maaltu barsiifamuu ykn baratamuu akka akka qabu bifa hojii raawwatameefi hafe addaan baasuu,raga barruu qabiyyeen tokko yoom akka barsiifamuufi haala maaltu hojii irra ooleefi hin oolleen sadarkaa adda adaatti fooyyaa’insi saffisaa ittiin deemuu qabu kan agarsiisu,raga barruu wanti addaan ba’ee beekkame kun adeemsa ittiin barsiifamuu qabu irratti yaada kenna jedha.

Ibsa kana irraa wanti hubatamu silabasiin sirna barnootaa caalaakan barachuu kutaan walqabatu ta'a.Walitti dhufeenya barsiisotaafi barattootaan maaltu akka kutaatti ta'u agarsiisa.Qabiyyee filuufi sadarkeessuu xiyyeeffatee qaama qophii sirna barnootaa kan ta'eefi kan baruumsaaf ka'uumsa ta'u jechuu dandeenya.Kanaaf bakka silabasiin hin jirretti baruufi barsiisuun mijataan ni jira jedhanii yaaduun dogoggora.

Dimshaashumatti silabasiin barnootaa meeshaa qophii sirna barnootaa keessatti raga isa guddaafi ijoo odeeffannoowwan qaamolee sirna barnootaatiif dabarsuuf tajaajiluudha Kanamalees,silabasiin meeshaa sirna barnootaa,imaammataafi leenjii barnootaarratti hundaa'ee kan qophaa'u ta'uusaafi meeshaa sagantaa barnootaa fiixaan baasuuf qophaa'aan keessaa isa ijoofi guddaa,akkasumas,bu'uuraa ta'uusaattihayyootni Dublinifi Olshtain(1986)fikanneen biroo asiin olitti bal'inaanifi gadifageenyaan kan ibsan ta'uu hubanna.

### 2.1.2. Kitaaba Baratаa

Kitaaba baratаa Kaayyoon sirna barnootaa galma barbaaddame bira akka ga'uuf meeshaaleen sirna barnootaa jiraachuun isaanii barbaachisaadha.Kunis,meeshaaleen sirna barnootaa kunneen karaa kaayyoowwan sirna barnootaa keessatti taa'an kana ittiin hojiirra oolshan ta'uusaati.Yaada kana ilaalchisee,dhaabbanni ICDR,NEK-Intertational consultancy(1999:39)yammuu ibsu,

> Many educatorbelieve that the curriculum is the means through which education is transacted and inorder to do this there is need for some curriculum materials through which the curriculum transmits its message convey its meaning and values.This curriculummaterials include the syllabus,and different interactional materials such as text books,teachers guide,teaching aids,etc " jechuudhaan ibsa.

Akka ibsa kana irraa hubatamutti sirni barnootaa karaa kaayyoon barnootaa ittiin darbufi kan meeshaaleen sirna barnootaa ergaa barnootaa dabarsuuf tajaajilan ofkeessatti qabate ta'uusaafi meeshaaleen sirna barnootaa kunneennis kaayyoo sirna barnootaa karaa sirriifi hiika qabeessa ta'een gara qaama dhimmi ilaallatu bira ittiin gahuudha.Bifuma kanaan meeshaalee sirna barnootaa keessaa kanneen akka kitaaba baratаa,qajeelcha barsiisaa,meeshaalee deeggarsa barnootaafi kkf.yoo ta'an ,kitaabni baratаa meeshaa adeemsa baruu-barsiisuurratti hedduminaan manneen barnootaa keessatti argamu ta'usaati hubanna. Kitaabni baratаa barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaaf sirni barnootaa qophaa'eef kun qabiyyeewwan akkacaaslugaa, sagaleefidhamsaga,dandeettiiwwan afaanii,hiika

jechootaa, waaltiina afaanii,afoolaa,diraamaafi asoosama,garaagarummaa asoosamaafi alasoosamaa, caacculee asoosamaafi kkf barsiisuurratti xiyyeeffachuun hojiirra oolee faayidaa guddaa kennaa jira.Kitaabni barataa maddaqabiyyeen gilgaalota garagaraa itti shaakalamuu dha.Ciicanni barataan qabiyyeewwan barnoota garagaraarratti argachuu danda'u kitaaba barataa sirna barnootaatiin qophaa'u keessatti bal'inaan qindeessuufi dhiyeessuun,barbaachisaa akka ta'e,Cunningsworth(1995),Richardsfi Rodgers(1986)ni ibsu.

Sirnii barnootakan bocamu kaayyoo, imaammataafi leenjii biyyaattii irratti hundaa'eeti. Sirni barnootaa kunis kan qophaa'u seenduubee barataa irratti hundaa'eetti qophaa'a.akkasumas,kitaabnibarataa yammuu qophaa'u senduubee barataarratti hundaa'eettiqophaa'a.Kanamalees,kitaabni barataa silabasii irraa qophaa'aKanaafuu barnoonni afaanii imaammata biyyatiin qabdurraa madda jechuudha.Yaaduma kana ilaalchisee,M.B. Itoophiyaa(2010 :1) yammuu ibsu,

> *The exsisting curriculum in Ethiopia is based on the objective of the educationand Training polciy of 1994.This policy stressed the need for relevance and for account to be taken of the profile of students.It also emphasized the important in writing the curriculum and in developing the text books following sound pedagogical and psychological principles and taking into consideration international standards and local conditions.jechuudhaan ibsa.*

Akka ibsa kana irraa hubannutti sirni barnootaa kan bocamu kaayyoo,imaammataafi leenjii biyyattii irraa maddu irratti hundaa'eeti meeshaaleen sirna barnootaa immoo kan qophaa'an sirna barnootaa bu'uura taasifachuuni. Akkasumas, qophii meeshaalee barnootaa ilaalchisee,meeshaaleen barnoota kanneen akka silabasii, kitaaba barattafi qajeelcha barsiisaa sadarkaa isaa eegee,yommuu qophaa'u sirna barnootaa biyyattiirratti hundaa'eeti yoo tu'u,sirni barnoota kun immoo kaayyoofi mul'ata imaammata barnootaafi leenjii biyya keenyaa kan bara 1994(1987) bu'uura godhachuun kan qophaa'e ta'uutuhubatama. Dabalataanis,kitaabni yammuu qophaa'u seenduubee barataarratti hundaa'ee qophaa'uu qaba.Kunis, akkaataaqophii meeshaalee barnootaa kanneenii qindoominaanfi duraa duubummaan sadarkaa isaa eeggeefi qindoominaan gurmaa'ee yammuu qophaa'u seenduubee baratootaafi seera peedaagoojiifi saayikoloojii biyyaalessaa eegee walsimannaan kan qophaa'u ta'uu hubanna. Beektonni Richardsfi Renandyan (2002:65)yoo ibsan,"Kitaabni barnootaa kan barsiisu qofa osoo hin taane kan madaalus ta'uu qaba"jedhu.Haaluma kanaan kitaabni barnootaa tokko yammuu qophaa'u wantoota kanaa gadii osoo ofkeessatti hammatee bu'a qabeessa ta'a.

• Aadaa,safuu,duudhaa,naannoofi fedhii baratatan giddugaleeffate ta'uu qaba.

• Kaayyoo barnootichaa  kan ofkeessatti hammatu ta'uu qaba.

• Kitaabni baratataa silabasiifi qajeelcha barsiisaa waliin kan walsimate ta'uuqaba.

• Gilgaallonniifihojiileen garagaraa qabiyyee boqonnaatiin walsimatee dhiyaatuu qaba.

• Qabiyyeewwangilgaalotaatiifiwayitiileenbarnootaaf,kennaman,walsimaniiqophaa'uu qbu.

• Fedhii,umriifi garaagarummaa dhuunfaa barattootaa kan giddugaleeffate ta'uu qaba.

• Hawwataa ta'ee kan dhiyaatufi dogoggora maxxansaa irraa bilisa ta'uu qaba.

Akkaatuma kanaan kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 12ffaasilabasii barnootaa irratti hundaa'uun qabiyyeewwan kanneen akka dandeettiiwwanii,hiika jechootaafi caaslugaa akkasumas,ogbarruuwwan adda addaa kanneen akka afoolaa,asoosamaa,caacculee asoosamaafi garaagarummaa asoosamaafi alasoosamaa barsiisuurratti xiyyeeffatee hojiirra oolee faayidaa guddaafi bal'aa kennaa jira.

Sirna barnootaa daangaan bal'aa qaba. Sababni isaa, waa'ee mana barumsaa, barataafi barsiisaa qofaa osoo hintaanee guddina hawaasaa akka waliigalaatti kan ilaaludha. Har'a beekumsa diinagdeetiin walqabatee sirni barnootaa diinagdee biyyaa fooyyeessuu keessatti gahee olaanaa taphachaa jira.Kanamalees, haala ariifachiisaa ta'eefi rakkoo adda addaa addunyaa kana muudatuufillee deebii yookaan furmaata maddisiisuu irratti iddoo guddaa qaba. Kanarraa kan hubannu sirna barnootaa hunda galeessa ta'uu isaarraa kan ka'e; rakkoo addunyaa kana quunnamu hundaaf akkaataa barbaachisummaa isaatti fala uumuu kan danda'u ta'uusaati. Sirni barnootaa lafee dugdaa dhaabbiilee barnootaati.Kunis, akka manneen barnootaa yookaan yuuniversitiiwwan sirna barnootaatiin ala jiraachuu waan hin dandeenyeef. Barbaachisummaan sirna barnootaa barnoota idilee keessaatti jijjiiramaa yookaan guddina hawaasa uumamaa deemuu bu'uureeffachuun akka meeshaa adeemsa jijjiiramatti kan tajaajiludha. Kanaaf, akka waliigalatti sirni barnootaa ida'ama muuxannoo barnoota dhuunfaa kan mana barumsaa qofaa osoo hintaanee kan hawaasaatis, (Bilbao et al., 2008). Kana jechuun, sirni barnootaa dhimma hawaasa hundaan waan walqabateef dhabbiilee barnootaa qofaan kandaangeessinu osoo hintaane muuxannoo hawaasa illee kan dabalatu ta'uusaati. Kanaaf, akkuma

dhaabbiilee barnootaaf lafee dugdaa ta'e muuxannoo hawaasaa ammoo, jiraachuu sirna barnootaaf utubaadha.

Kanamalees,akka Candlin (1987) jedhutti, sirni barnootaa baankii yookaan kuusaa dhimma baratamuufi haala kamiin daree barnootaa keessatti akka fayyadaman kan yaada kennuudha jechuun ibse. Sirni barnootaa (curriculum) dhaabata barnootaa tokko keessatti kaayyoo murtaa'ee galmaan gahuuf koorsiiwwan (qabiyyeewwan) barumsaaf oolan akka waliigalaatti kan keessatti caaseeffamanidha. Haaluma kanaan, Nunun (1990) akka ibsutti, sirni barnootaa akka waliigalaatti duraaduuba koorsii eegee dhiheessuun akka barataan kaayyoo murta`aa barnootichaa yookaan hojiichaa galmaan gahaatuuf kan gargaarudha. Sirni barnootaa qaama koorsii tokkoo hunda dhaabbata barnootaa kaminiyyuu yookaan damee isaa tokkoon dhihaatedha (Johnson, 1967). Kun kan ibsu sirni barnoota dhaabbilee barnootaan kan qophaa'u ta'ee; qaama koorsii hunda kan ofkeessatti hammatu ta'uusaati. Sirni barnootaa yeroo qophaa'uu, galma barnootichaa bu'uureeffateeti.Kunis: -

Manni barumsichaa kaayyoowwan akkamii galmaan gahuu barbaadaa?

Kaayyoowwan kana galmaan ga'uu kan danda'an muuxannoo barnootaa isaan kamidha?

Qabiyyeewwan barnoota kun haala kamiin yoo caasseffaman sirrii ta'a?

Kaayyoowwan barnootaa kun galma gahuu isaanii maaliin mirkanneessina? kanneen jedhan xiyyeeffannaa keessa galuu qabu.

Walumaa galatti, sirni barnootaa kan saganteeffame, kaayyeeffamuun, adeemsaan guddachaa kan deemuufi sirnaawaa ta'uun addunyaa barnootaa keessatti kallattii fooyya'insaa kan uumaa deemudha. Kunis, yeroo mara jijjiiramni yookiin guddinni addunyaarratti raawwatu sirna barnootaa irratti dhiibbaa ni uuma. Kanaaf, sirni barnootaa meeshaa jijjiirama dhaaabiilee barnootaafi dhimma hawaasa hundaa waan ta'eef barbaachisummaan isaa daran olaanaadha.Kun ammoo, fedhii hawaasaa galmaan gahuuf yeroo yeroon fooyyeessuu yookiin ammayyeessu gaafata (Mary, 2015).

### 2.2.Maalummaa Sirna Gadaa

Gadaan sirna bulchiinsa jiruufi jireenya ummata Oromooti.Mootummaa ol'aanaa ummataan filatamee ummataaf hojjatudha.Akkaa hayyoonni ibsanitti Gadaan waan hedduu ta'uu isaa barreessaniiru.Kunis bifa gaarummaafi amanamummaa qabuun waliin jiraachuu agarsiisa. Kana malees daawwitii

ummatichaa, kan keessatti eenyummaa ofii argan ta'uu ibsa. Dirribii (2012:210) Gadaa jechuun waan hima tokkoon ibsamuu miti.Waan akka malee guddaafi iccitii of keessa qabuudha jechuun ibsa.Kana malees Gadaan maqaa gogeessaati. Gadaan maqaa garee (Paartii), bara saddeet saddeetiin aangoo waljijjiiruuti. Gareen kun Shanan Gadaa Oromoo jedhamu, maqaa shaniin beekkamu. Dirribii (2012:213)

Isheetuun, (200:80) Gadaan hundee Oromooti; mallattoo ummata Oromootiisi, Oromoon Gadaa malee Oromoo ta'uu akka hin dandeenye, Gadaan Oromoo malee Gadaa ta'uu akka hin dandenye barreeseeti jira. Gadaan Oromoodhaf Siyaasaa, amantaa, diinagdee dhaas.Ummanni Oromoo hundeen isaa tokko; Gadaanis tokko haalli jiruufi qubannaa adda adda.Haali bulchiinsa isaa sirna Gadaati; bulchiinsi sirna Gadaa bu'uura Dimokiraasiiti. Isuma (2001:77-80).Kana irraa kan hubatamu Oromoon dhalootaan osoo hanga harraa hin babal'atiniifi kallattii adda addaatti hinfaffaca'in dura sirna Gadaa tumatee ittiin bulaa kan ture ta'uu isaati.

Hiika Gadaa gabaabsanii waan tokkoon ibsuun ni ulfaata. "Gadaa jechuun waan jecha ykn hima tokkoon ibsamuu miti.Waan akka malee guddaafi icciitii gadi fagoo qabu ta'ee, hundee seenaa siyaasaafi amantaa ummata Oromooti.Kana malees waan walqabataa of keessaa qaba." Dirribii (2015:147). Akka yaada kanaatti, Gadaan ilaalcha ummata Oromoo kallattii maraan ofkeessatti hammatee kan jiru ta'uu isaati. Akkasumas dhugaa iraatti hundaa'ee mirga nama hundaa walqixa eeguuf kan tumame sirna bulchiinsa dimokiraasii ummatichaa ta'uu isaa nihubatama.

Dirribii(2012:212) waabeeffachuun, Sanyiin namaa suuta deemsa isaafi ijaarama isaa bara dheeraa keessatti guddina agarsiise keessaa Gadaan isa tokko ta'uu isaa lafa kaa'a. Kana jechuun Gadaan suuta suutaan guddachaa, baballachaakan dhufe ta'uu isaa agarsiisa.

Hiika Gadaa jedhuuf Alamuu (2012) gama isaatiin yoo ibsu, Gadaan yaada baay'eetti kan hiikamuu danda'eef maddi jecha kanaa "Gaaddisa‟ jecha jedhurraa akka dhufe ibsuun, gaaddisni immoo dawoo, kan aduu namarraa dhowwu ta'ee,seera Oromoo biratti iddoo seeraafi heerri tumamuufi uummata hundaafuu eegumsi godhamu jechuun addeessa. Haala walfakkaatuun, kitaabni "Seenaa Oromoo Hanaga Jaarraa 16ffaatti‟ Biiroo Aadaafi Turiziimii Oromiyaa (BATO) qophaa'e hiika Gadaaf manguddoota wabeeffachuun seera Waaqaati jedha. Kuniis seera ittiin bulmaataa ta'ee, bakki itti barsiifamu gaaddisa waan ta'eef sirnichi kan raawwatuus seera gaaddisaa akka ta'etti ibsa. Seerri kuniis seera (Waaqaa) baay‟inaan hawaasa biratti fudhatama akka qabu addeessa.

Barruun Kallachaa Oromiyaa,qorataa seenaa Alamaayyoo Hayilee (2011:242) waabeeffachuun akka barraa'etti Sirni Gadaa Bulchiinsa biraa irraa kan adda godhu paartilee ammayyaa Ameerkaa, Awurooppaafi bakka biraatti gaggeeffamu wajjiin walfakkaachuun isaa baayyee dinqisiisaafi jaarmayaaleen Gadaa keessa kan jiran tahuu isaa ibsa. Kallacha Oromiyaa (2008:5). Kana irraa wanti hubatamu yeroo Dimokiraasiifi seerri akkanaa addunyaa irratti hinbeekkamne sana Gadaan rakkoo tokko malee miseensa isaa bifa shaniin qoodee ummata isaa waggaa saddeet saddeetiin tasgabbiin bulchaa kan ture Dimokiraasii addunyaa tanaa ta‟uu isaa hubanna.

Gadaa ilaalchisee Asmaroom (1973:50) irratti akka ibsutti," sirni Gadaa jaarmiyaa umrii irratti kan hundaa'e ta'ee, guddina hawwaasichaa wajjiin kan walqabatudha".Kanumaan wal qabatee," Gadaan jaarmiyaa umriifi dhalootan ijaarramee sirna diimokiraasii ummata Oromootiin uumamedha". Dirribii (2009:207).

Hayyoonni yaadota kana kaasan waa malee miti. Wanti asirraa hubatamu, sirni Gadaa umrii irratti hundaa'ee kan aangoo laatu, adeemsa siyaasaa, diinagdee, aadaa safuufi k.k.f. ta'ee hawaasichaankan gaggeeffamuufi sadarka sadarkaan kan dhaloota irraa dhalootatti darbudha. "Sirni Gadaa heera saba Oromoo guutuu kan siyaasa, diinagdee, seenaafi hawaasummaan sabichaa ittiin murteeffamu, kan guddina umrii, xiinsammuufi yeroo wajjiin daangeffamee adeemsifamuufi kan miseensi sabichaa mirgaafi dirqama isaa beekee ittiin walii galuu wabii tokkummaa saba Oromooti". Warqinaa (2008:20). Yaada kana yaadota hayyoota biroo wajjiin walbira qabnee yoo ilaallu, barreessan kun kallattii walfakkaatuun ibsee jira. Gadaan siyaasa, diinagdee, hawaasummaafikan kana fakkaataan hammachuun daandii tokkummaan wal ijaaruu ibsa.

Ummanni Oromoo duudhaafi barsiifata isaa sirna Gadaatiin gaggeeffata."Gadaan sirna walqixxummaa irratti hundaa'ee waan mara of keessatti kan qabuufi jireenya Oromoo kallattii maraan kan sakatta'udha" Alamaayyoo (1999:51).Kana jechuun Gadaan seera walqixxummaa irratti kan xiyyeeffate ta'uu isaa hubanna.Kun immoo addunyaaf fakkeenya gaarii ta'ee argama.Hiikafi yaada Gadaa irratti hayyoonnifi barreessitootni hedduun bakka garaa garaa taa'anii yaada wal fakkaatu gumaachaniiru.Kanaaf Gadaan heerafi seera olaanaa uummata Oromooti.

Sirni Gadaa sirna beekkama ummanni Oromoo Bahaa filatee jireenya isaa ittiin gaggeeffataa tureedha.Sirni Gadaa oromoo sirna dimokraatawaa Ummanni Oromoo jireenyaa isaa hunda akkaataa gahee, umriifi kkf keessatti heeraafi seera tumatanii addaan qoddachuudhaan ittiin walbulchuufi

walbulchaa tureedha.Sirni Gadaa oromoo sirna qodamiinsa jedhama. Kana jechuun sirni Gadaa oromoo karaa siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa bulchiinsa Gadaa kan qaama heera tumuun labsu caffee (Gumii Raabaafi Doorii Bareentummaa, Qaama heera tumame hiikuufi qaama heeraa tumamee labsame raawwachiisu qabuufi wiirtuu amantii waaqeeffannaa Sirna Gadaa qabu sirna guutuu taheedha akka manguddoonni ibsanitti. Gaazexaa Kallacha Oromiyaa (1998:5).

Ummanni Oromoo osoo sirna gabrumma alagoota nafxanyaa Amaaraa jalatti hin kufin dura ummata sirna ittiin bulmaata mataa isaa tumatee ittiin bulaafi ittiin wal bulchaa ture akka tahe manguddoonni argaa dhageettiifi qorattoonni ni dubbatu. Sirni ummanni Oromoo tumatee ittiin walbulchaa ture kun Sirna Gadaa jedhama. Waa'ee sirna Gadaa ilaalchisee Sirni Gadaa gaafa kana jalqabe jedhamee iafatti beekkamuu baatus, ummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa bara dheeraa dura sirnichaan gaggeeffataa kan turan ta'uu mangudoonni dubbatu. Kana ilaalchisee Asaffaa Jaallataa,Ba'isaa.(1971,1993)fi Asmaroom Laggasaa. (1973) wabeeffachuun:

The indigenous gada system organized and ordered society around political, economic, social, cultural, and religious institutions (Baissa, 1971,1993;Asmerom Legesse, 1973). We do not know when and how this system emerged. However, we know that it existed as a full-fledged system at the beginning of the sixteenth century. During this century, the Oromo were under one gadaa administration(www.ajalata utk.edu).

Yaadakana irraa akka hubatamutti,SirniGadaasirnaummanni Oromoo karaa siyaasaa, dinagdee,hawaasummaa,aadaafi amantisaa keessatti jaarmiya guddaafi walxaxaa jireenya isaa kallattii maraan sakatta‟uun ittiin gaggeffataa ture ta'uu isaati. Jireenyi ummata Oromoo kan Sirna Gadaatiin gaggeeffamu kunis,sirna ittiin walbulchan ,sirnaittiin walmuudanii bakka walbuusan,diinagdee ofii guddifatan,daangaa ofii eggatan ,amantii isaanii ittiin waaqeeffatan, sirna heera ittiin tumatan, sirna waliin jireenyaa ilmaan Oromootiifi akkaataa hojii isaanitiin umrii irratti hundaa'uun qooduufi kkf irratti heeraafi seera tumameedha.Wantoonni kun hundi walitti dhufanii hiikaa Sirna Gadaa jedhamu kanaa kennu. Sirni beekkamaan ummanni Oromoo jaarraa dheeraadhaaf ittiin walbulchaa ture kun sababa koloneeffattoota nafxanyaa habashaatiin akka dhaabbatuufi barbadaa'u tahee ture.

Dhabamuuqofa osoo hintahin nafxanyonni seenaa ummata Oromoo akka hinbarroofne ukkaamsaatiifi seenaafi Aadaa ummata Oromoo dabsanii barreessaa turan seenaan hin dagatu. Seenaan ummata

Oromoo kunis sababa dhiiibbaaafi cunqursaa nafxanyaa irraa kan ka'e bifa barreeffamaatiin barraahee akka hin teenye tahee ture.

Barreessitoonni Oromoo kan yeroo ammaa seenaa ummata Oromoo barreessuu jalqaban seenaadhugaa kan barraahe argachuu dhabuun rakkachaa jiru. Seenaan Ummata Oromoo bifa barreeffamaatiin dhabamus ummata keessa deemuudhaan Afoola ummatichaa irratti hundaa‟uun odeeffannoo walitti qabuun akka seenaan dhugaa barraahee dhalootaaf darbu godhamaa jira. Jaarraa 19ffaa keessa yeroo Minilik humna waraanaatiin lafa Oromoo dhunfachuu dhaaf lola bane, loltoota isaatiin bakka heddutti ajjeechaafi gochaan suukaneessaan ummata Oromoo irratti raawwatamaniiru. Oromoota yeroo sanatti miidhaan gara jabinaa irratti gaggeeffame keessaa Oromoon Tuulamaa, Arsii Aanolee(1880_1886), Calanqoo (1887) fa‟a akka turan hayyooleen seenaafi manguddoonni argaa dhageettii ni addeessu. Mootichi Minilik dachee Oromiyaa qabachuuf bara (1881-1887)GosaUmmataOromooArsii irratti yeroo jaha waraana gaggeesse.Waldayohaannisiifi Gammachuu(1986:84). Kaayyoon guddaan isaas lafa ummata kana irraa fudhatee isaanumatti debisee gurguruun gabbarsiisuudha.Yeroo sana keessa kaayyoon Minilik Gosoota Oromoo Oromiyaa keessa jiraatan, lafa abbaa isaanii dhiisanii, isa gabbaruun maatii isaafi qomoo isaa akka sooran, aadaa isaanii dhiisanii aadaa nafxanyootaa akka qabatan, afaan ofii dhiisanii, afaan alagaa akka fudhatan amantii isaanii dhiisanii amantii isaa akka qabatan taasisuudha.

### 2.2.3.Gahee Sadarkaalee Gadaa

Sadarkaalee Gadaa jechuun sadarkaa umrii Ilmaan Oromoo hundi guyyaa dhalatanii kaasee hanga umrii waggaa saddeettama(80)gayutti bara saddeeti saddeetiin keessa dabranii jaarsummaaitti seenan akka tahe niduubatan. AkkumaSirnaGadaa Oromoo kan biroo Sirna Gadaa sadarkaaleen Gadaa kudhan(10)akka jirus ni eeran.Ummanni Oromoon Sirna Gadaa akkaatuma qoodama sadarkaa isaanitii hundinuu akkuma heeraafi seerri gadaa kenneefitti gahee hojii mataa isaanii Kan qaban ta'uu isaati.

#### 2.2.3.1.Maxxaarii (seelee):

Akka qoodama sirna Gadaatti maxariin ijoollee xixiqqoo guyyaa dhalatanii kaasee hanga waggaa saddeet (8) jiddu jiraniidha. Ijoolleen sadarkaa Gadaa kana keessa jirtuu umriin isaanii xixiqqoo wan taateef qoodamni hojii isaanii hin kennamuuf. Garuu heeraafi Seerri sirna Gadaa isaaniif lafa kaa'ee akkaataa daa'imni kun miidhaa malee akka guddatan kan godhu dha. Maatiin isaanii egumsa gaarii godhuufi akka qaban,akka hin miidhamne nyaachisuu, uffisuu, wallaanuu, qulqullina isaani eeguu,

akka hin banne eeguu, naamusa barsiisuu, jaalalaa isaanii ibsuufi haamilee cabsuu dhabuufi kkf ture.Akka manguddonni jedhanittii daa'mini tokko dhalatee yeroo guyyaa afurtama gahu handhura daa'imaa fuudhanii goramsa loonii irra kaayan. Kana jechuun goramsi kun gaafa sana irraa kaasee daa'ima kanaaf handhuraa taate ykn kennamte jechuudha. Guyyaa kana irraa kaasee hanga gurbaan ykn intalti guddatutti ykn guddattutti namni tokkolleen wal-horaa goramsa kanaa hin tuqu.Booda gaafa guddaate wal hora goramsichaa hunda fudhatee baha ykn bultii mataa isaa ittiin ijaarrata jechuudha.

### 2.2.3.2.Rubboo (Gaammee Xixiqqaa):

Sadarkaa lammaaffaa ilmaan Oromoo kan sadarkaa maxarii xumuran kan egalan jechuudha. Umriin isaanitis waggaa 9 hanga 16 jidduu kan jiraniidha. Akka Sirna Gadaa sadarkaa Rubboo keessa jiran garee hojii mataa isaaniti qaban .Gaheen hojii isaanitiis hojiilee xixiqqoo maatii isaanii gargaaruu, jabbilee horiidhaa naannoo gandaatti tiksuufi kkf dha. Sadarkuma kana keessatti ijoolleen sadarkaa Rubboo keessa jiran hojiilee akka yeroo namni, gandaa du'ee, yeroo cidhaa, yeroo wadaajaafi kkf Afaa (Afata) adda addaa fidanii naannoo saniif  afuu, bishaan waraabuu, namoota adda addaa qophiilee jiruuf yaamamuu qaban irra deemanii yaamuudha.Qoonni maatiin qabu sadarkaa Rubbootti tartiiba lakkoofsa hortee isaanii Abbaa kaasee hanga dhumaatti barsiisuu, latiinsa hidda Oromoo barsiisu, Abbaan Ilma isaa naamusaafi kabajaa hawaasa keessatti qabu barsiisuu,wantoota badaa tahan irraa akka of eegu, dalaagaa gaarii hojjachuu akka qabu, akkaataa ollaa, hiriyaafi kkf wajjiin jaalalaafi haala gaariin wajjiin jiraatu,akkaataa itti qabeenya isaanii ittiin tikfataniifi qusatan barsiisuu, hiriyaa Abbaatiifi Haadhaatiis akkuma haadhaafi Abbaa isaatti akka kabajuu qabaniifi kkf hunda barsiisuudha. Akkasumas haati intala durbaa akkataa hawaasa wajjiin jiraachuu dandeessuufi mana keessatti hojiilee manaa akka gaaritti akka barattu godhuudha.Akkasumas hojiilee akka itti jirbii dhooftu, safii itti hodhituufi akkaataa meeshaalee biyyee irraa tolfamtu akka barattu barsiisuudha. Walumaa galatti Haadhaafi Abbaan Ijoollee sadarkaa Rubboo keessa jiran galgala Afoola Oromoo akka baratan godhu dha. Afoolli  kuniis kan  akka Hibboo, Oduu durii, Baacoo, Mammaaksaafi kkf niidha. Sadarkaan Rubboo sadarkaa Ijoolleen walitti dhuftee wal baruudhaan wajjiin taphattuudha.

### 2.2.3.3.Goobamaa(Gaammee Gurguddaa):

Goobamni sadarkaa Gadaa kan ijoolleen sadarkaa Gadaa Rubboo xumuran itti darbaniidha. Sadarkaan Gadaa Goobamaa umrii waggaa 17 kaasee hanga diigdamii afarii (24)jidduu jiraniidha.Sadarkaan Gadaa Goobama yeroo dargaggummaatiifi dargaggoonni Goobanii qeerrummaa guutan waan taʽef maqaa Goobama jedhu mogaasaniiyaamu.Umrii sadarkaa kana keessa jiran Qeerroo ykn Gaammee gurguddaa jedhamuun niyaamamu taʽuu isaati. Ijoolleen sadarkaa Goobamaa keessa jiran too’annoo warraa jala bahanii warra irraa fagaatanii deemuu sadarkaa danda’aniidha.Ijoolleen sadarkaa Goobama keessa jiran waraana, fardaafi sinqii kennaniifi loon fuudhanii maatii irraa fagaatanii waggaa shanii ol akka deeman godhama. Dargaggoonni kun hojiilee ispoortii adda addaa bakka deemanitti nibaratu. Hojii akka darbannaa eeboo, fardaan gulufuu, miliqa fardaa, waraana darbuufi kan itti darbame jalaa akka itti miliquufi deebisuu,lola fardaa,fiigicha, akkaata Bineensoota hamoo itti adamsan, akkaataa itti miliqanii diina keessa seenuun miidhanii ykn fixanifi kkf hunda nibaratu. Hojiilee kana hunda kan leenjisu wajjiin akka godaanu ni godhama.Sadarkaan Goobama sadarkaa itti gootummaa, beekumsa, gamnummaa, obsa qabaatu ykn horachuu egalaniidha. Erga haala kanaan turan booda akkuma waggaa shan xumuraniin namuu gara maatii ofitti deebiʽa. Erga maatitti deebiʽanii booda leenjii barataa turan sana hawaasa duratti akka agarsiisan godhama. Hawaasni kuniis erga isaan daawwate booda akkaataa ciminaafi dandeettii isaanitiin nifilan. Kana booda akkaata dandeettii isaanitiin kanneen heera tumuu qaban gama heera tumuu jalatti, kan heera tumame hiikuu qaban gama heera hiiktuu jalatti, kan heera hiikame raawwachiisuu qaban gama heera raawwachiiftuu jalatti ramadanii namuutiifuu gahee hojii isaanii ibsaniifi isaanis garee isaanii beekanii addan bahan.Kana booda waamichi naannoo hundarraa dargaggoota ilmaan kormaa tanaan naannoo hundarraa walitti fidanii akka filmaata qaadhimamtoota gadaa adeemsisan godhamu akkaataa leenjitoota sanaa bakka sadiitti qoodaniin turanitti dargaggoota sana gurmuu hayyuu bakka saditti qoodan.

### 2.2.3.4.Kuusaa

Kuusni sadarkaa Gadaa Goobama erga xumurame seenaniidha. Sadarkaan Gadaa kuusaa umrii waggaa25fi 32 jidduu kan jirtuudha.Sadarkaan Gadaa kuusaa sadarkaa barn ootatiifiloltummaati.Sadarkaan kuusaa sadarkaa ilmaan kormaa tahan hundi walitti dhufanii barnootaafi leenjii adda addaa tan gahumsaafi cimina loltummaa itti barataniidha.Sadarkaa tana keessatti hojiin loltummaatiis niraawwatama ture.

#### 2.2.3.5.Raabaa Doorii:

Ilmaan kormaa hundi heeraafi seera Oromoo akkaata itti heera tuman, itti hiikan, itti labsaniifi kkf hunda kaasuudhaan Abboottii heeraa, Abboottii Gadaatiifi dursitoota caffeetiifi hayyoota heeraatin ni barsiifaman. Dooriin bara sadarkaa Gadaa Raabaa doorii keessa bara afran boodaa kan yeroo umrii waggaa 32-40 jidduu jiruu keessatti ture.Dooriin yeroo itti muuni ilmaan kormaa bara Afuriifi doorama bayuun namuu naannoo irraa dhufetti galee biyyaa keessa deemuun hojii adda addaa hojjatuudha.Dooriin yeroo itti aangoo siyaasa qabachuuf itti of qopheessanidha. Dooriin yeroo hunda caalaa biyya keessa deemee, waa‟ee bulchiinsa, heeraafi seeraa, Aadaa, seenaa, amantii Oromootiifi kkf hunda barachuudhaan of qopheessa.Akkasumas biyyaa keessa naannawuudhaan ummanni akka isaan filataniif ummata kakaafataniidha. Dooriin jalqaba yeroo umrii waggaa 32 gahaniin Abboottii Gadaatiin eebbifamaniti maqaa Doorii jedhamu kana moggaasaniifii heera kennaaniifii qaadhimamtoota bulchiinsa Gadaa tahuun hanga filmaanni gahutti biyya keessa deemanii ummata isaan filu akka kakaafatan godhamudha.Umriinwaggaa 39ti namuu Ganda isaatti galuun filmamni miseensoota caffee Araddaa keessatti adeemsifamuun namoota sadii, Abbaa Caffee, Abbaa heera Caffeetiifi Af-yaa‟ii (Abba Dubbii) caffee Araddaa filatanii muuduudhaan caffee Aradda hundeeffatanidha.Filmanni kun onoota hunda keessatti adeemsifamee caffee isaanii ni filatan. Onoonni gosa caffee Ganda nama lama bakka bu‟oota isaanii nifilatu. Horteen shanan Bareentummaa mata mataatti caffee ona isaanii keessa bakka bu‟oota isaanii filatuun caffee Gadaa Odaa Bultum keessatti bakka buufatan.Bakka bu‟oonni caffee Gadaa sun caffee isaanii hundeeffatuun qaadhimamtoota qondaaltoota Gadaa akkaataa dandeettii isaanitiin filatanii qopheeffatan ture. Qaadhimamtoonni filaman kun qondaaltoota biyyabulchaa jiraniifi yuuboota biyya bulchaa turaniifi hayyoota heeraa wajjiin qindaa‟uun heeroota bara saddeettan dhufu ittin biyya bulchan tumuudhaan lafa kaayan ture.

#### 2.2.3.6.Qondaalaa (Gadoomaa):

Sadarkaan Gadaa qondaalaa Gadaa Raabaa Doorii erga waggaa saddeettan umrii isaa fixe itti darbuudha. Kuni sadarkaa ilmaan korma aangoo siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa sirna Gadaa Odaa Bultum qabatanii bara saddeetiif biyya bulchaniidha. Sadarkaan Gadaa Qondaalaa umrii waggaa 41 kaasee hanga umrii waggaa afurtamii saddeeti (48)tti tursa.Sadarkaan Gadaa kun sadarkaa bulchiinsaGadaa hunda hoogganuudhaan,rakkoolee karaa siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa hunda furuufi gaggeessuun itti gaafatamummaa qaban ture.

#### 2.2.3.7.Yuuba 1ffaa:

Yuuba 1ffaan sadarkaa Gadaa qondaaltoonni biyya bulchaa turan aangoo bulchiinsa Gadaa gadhiisanii qara sadarkaa yuuba 1ffaa umrii waggaa (41-51) tti keessa turaniidha.Yuubni 1ffaan yeroo ilmaan korma aangoo bulchiinsa Gadaa dhiisuudhaan soorama dura itti bahaniidha. Yuuboonni 1ffaan bara saddeettan isaanii kana keessatti hojii baay'e qaban ture. Hojiin kuniis gorsitoota qondaaltoota Gadaa tahun tajaajiluu, barsiisotaafi leenjiftoota kuusaa tahun tajaajiluu, rakkinoota qondaaltoota Gadaa jiddutti umamee jidduu seenan fuuru, qondaaltoota Gadaati wajjiin tahun rakkoolee gosoota jiddutti umamte hiiku, hojii mangudmmaa hojjatuu, rakkoolee Qondaaltoonni ummatarratti uman hordofuun akka sirreeffatan godhuufi kkf ture.

#### 2.2.3.8.Gadaa yuuba 2ffaa:

Yuubni 2ffaa sadarkaa Gadaa ilmaan korma umrii waggaa 57-64 keessa turuudha.Bara yuuba 2ffaatis hojiilee baay‟een hojjatan tajaajilan ture.Seenaa, aadaa, heeraa, safuu, raga, duudhaa, amantii, falaasamaafi kkf barsiisa turan.rakkoolee gurguddoo yuuba 2ffaa bira kuftee laaluudhaan sirreessuu.Akkasumas hojii manguddummaatifi gorsaa hawaasatis tahun nitajaajila ture.

#### 2.2.3.9.Yuuba 3ffaa:

Yuubni 3ffaan sadarkaa Gadaa erga yuubni 2ffaan bara saddeettan isaa xumurun umrii waggaa 65 kaasee hanga waggaa 72tti umrii turuudha. Sadarkaan Gadaa yuuba sadaffaa sadarkaa ilmaan kormaa beekumsa hunda itti horatanii hayyoota sirna Gadaa tahuun itti beekkamaniidha. Hojiileen isaan kun sadarkaa kanatti hojjatan heeraafi seera dabe sirreessuu, barnoota akka urjii lakkaa‟uuf barsiisuu, beekumsa adda adda barsiisu ture.

#### 2.2.3.10.Gadamoojjii:

Sadarkaan Gadaa Gadamoojjii sadarkaa Gadaa kurnan keessa sadarkaa isa dhumaati. Sadarkaan Gadamoojjii sadarkaa Ilmaan korma kanneen sadarkaa Gadaa yuuba 3ffaa umrii waggaa bara saddeetiif itti darbaniidha. Sadarkaan Gadaa Gadamoojjii kuniis umrii waggaa 73 kaasee hanga Sadarkaalee Gadaa ilaalchisee Dirriibiin(2012:257) akka Gadaa Oromootti namni tokko dhalatee hanga waggaa saddeettamatti qooda qaba.Bara saddeetta maan booda immoo ulfina gudda qaba. Gadamoojjiifi Dabballeen sirna Gadaa keessatti qananiidha; ni kabajamu; nisooramu malee dirqama hin qabani.Yoo maatiin isaan sooree qananiisuu dadhabe lammiitu,gosaatu isaan soora

malee,rakkoon,gadadoon isaan irra hin gahu. Waan gaarii waan eebbaa duubatu.Lubbuu hin baasan.Meeshaa waraanaa harkaan hin qabatani.Namni rakkate isaanitti baqata.Eebbi isaanii mucaa namaa kenna;waaqaatti dhihoo jiru jedhama jechuun barreesseeti jira.

Caasaafi haala hojii Sirna Gadaatiif shoora murteessaa kan qabu sadarkaa Gadaa ta'uu isaati.Yaada armaan olitti ka‟e kana Roobalee T. (2015:38) yoo deeggaru Sadarkaan Gadaa sirnichaa bifa naanna‟uutiin sosocho‟ee akka hojjatu taasisa. Sadarkaan Gadaa walumaa galatti kudhan ta'uu isaatis barreesseeti jira.

Dirribii (2012:326) irratti gahee sadarkaa gadaa yoo ibsu,Gadaan Oromoo umriifi dhalootaan aangoo ummataaf qooda. Umriin namni tokko daballee kaasee hanga Gadamoojjiitti (0-80),sirna Gadaa keessatti qooda akka qabu,namni umrii kana keessa jiru dhimma biyyaa irratti, wanti si galchu hin jiru jedhamee akka kan warra Lixaa cinatti akka hin gatamne ta'uu isaati.

Walumaa galatti Sirni Gadaa oromoo sirna jiruufi jireenya ummata Oromoo hunda hammatee of keessaa qabuudha. Sirnoota kanneen keessaa muraasni sirna heeraafi seera ittiin bulmaata: Sirna Aadaa, Duudhaaleen, safuun, raagni, falaasamni, amantiin, lakkoofsi yeroo (Kalaandarri), hariiroon hawaasummaa, ittisni biyyaa, hariiroon alaa, qor-qalbiin, xiin-sammuun ummata Oromoo akkasumaas akkaataan qoodamiinsa hojii Ummata Oromoo kan umrii irratti hundaa'e hunduu sirna Gadaa keessatti hammataman. Sirnoonni kun hundinuu walitti dhufanii hiika Sirna Gadaa jedhu kana kennan. Haalli sirni Gadaa oromoo jireenya hawaasaatiifi siyaasaa keessatti maal akka fakkaatu tokko tokkoon ibsuuf yaalameeti jira.

Addnyaa kana irratti ilmi namaatis, tahee bineensooni jireenya gamtaa isaanii uummatanii jiraatu. Ilmi namaas jireenyaa hawaasummaa uummatee jiraatu; keesatti heeraafi seera ittiin walbulchutumatee ittiin walhooggana.Ummanni Oromootis ummata addunyaa kana keessaa isa tokko taheehaalli inni jireenya itti gaggeeffatu heeraafi seera waliin jireenyaa hawaasumma kan nama dinqu qaba. Haalli jireenyi ummata Oromoo kuniis Sirna Gadaatiin kan ijaarameedha. Sirna Gadaa keessatti ilmaan Oromoo hundi hawaasa keessa jiraatu keessatti addaan qoqqoodamanii jiraatu.Gaazexaa Kallacha Oromiyaa (1998:5).

### 2.3. Gahee Dhihaannaa Kitaaba Barnootaa

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti galma ga’insa sagantaa barnootaa afaanii tokkoof dhihaannaan kitaabaa iddoo guddaaqaba. Kitaabni barataa gosa barnootaa tokko qofa qabatee, tooftaadhan kan sadarkeeffamu, sadarkaa barnootaa tokkotti itti fayyadamuuf kan qophaa’uufi sagantaa barnoota tokkoof meeshaa barnootaa isa olaanaadha. Kitaabni barataa qabiyyee mija’aa kan qabu, tooftaa yookiin dhihaannaa baruu barsiisuu waliin kandeemu, sirriitti qindaa’uun barattootaa kan kakaasufi barsiisaan bal’isee dhiheessuuf kan mijatau ta’uu qaba (Good, 1973) Kana malees, faayidaan kitaabni barataa adeemsa baruu barsiisuu keessatti qabu akka kanaa gaditti tarreessameera.

-  Barataan akka dandeettii isaatti akka baratuuf carraa kenna.
-  Barataan waan daree keessatti barate irra deebi’ee akka sakatta’u dandeessisa.
-  Waan yaadatu mirneeffachuufi kkf gargaara (Brown, 1989).

Walumaa galatti kitaaba barataa qopheessuun xiyyeeffannoo kan gaafatudha. Kanaaf, kitaabni barataa bifa fedhii barataa kakaasuufi dandeettii barataa kallatii bal’isuu danda’uun qophaa’uu qaba.

Gama biraatin immoo, gaheen kitaaba barataa barsiisota muuxannoo hinqabneef haala isaan karoora baafatanii ittiin barsiisaan qajelchuuf kan gargaaru ta’u qaba (Richards, 2001). Akka waliigalaatti yoo ilaalamu gaheen kitaabni barnootaa sagantaa barnoota afaanii keessatti qabu olaanaadha. Isaan keessaa warri ijoo ta’an:

-  Gilgaalota barattoonni afaanicha ittiin barataniifi waliin barachuuf isaan gargaaru dhiheessa.
-  Qabiyyeewwan afaanii: seerluga, ijaarsa jechootaa, dandeettiiwwan afaanii cimsan dhiheessa.
-  Barsiisota mara haala wal fakkaatuun gargaara.Kanamalees, qabxilee akka faayida kitaaba barnootaatti ilaalaman keessaa:

-  Sagantaa barnoota afaanii akka caasaafi qajeelfama qabaatu taasisa.
-  Barnooni afaanii bifa walfakkatu akka qabaatu taasisa.
-  Kan sirriitti qindaa’ee yoo ta’e qulqullina barnootaa eegsisa.

 Akkaataafi ciicata afaan barsiisuu bu’a qabeessa ta’e dhiheessuu danda’a (Richardsfi Renandya, 2002).

Karaa biraatiin, kitaabileen barnootaa hanqinaalee addaddaa qabaachuu nidanda’u.Qabxilee akka hanqina kitaabaatti ka’an keessaa:

 Qabiyyeewwan dhiheessuu keessatti dogoggora uumuu nidanda’a.

 Qabiyyeewwan fedhii barattootaa ofitti hinharkifne dhiheessuu danda’a.

 Dandeettii barsiisotaa qabiyyee dhiheessuu daangeessuu danda’a.

**2.9. Gahee Qopheessitootaa Dhihaannaa Qabiyyee Barnoota**

GadaaKeessaatti  Adeemsa sagantaa qophii qabiyyee barnoota Gadaa keessatti qaamni qabiyyichaqopheessuun dhiheessuu galma ga’inmsa qabiyyee dhihaatu sanaaf qooda guddaa qaba. Adeemsa baruu barsiisuu qabiyyee barnoota Gadaa tokko mijata taasisuuf qabiyyeewwan hammataman murteessuufi sadarkeessuun mala qindaa’ina qabiyyeewwan itti dhihaatan keessaa isa tokko (Sharmafi Tuteja, 2005).Yaada kana haala qophii dhihaannaa qabiyyee Sirna Gadaa walqabsiisuun ilaaluu dandeenya.Kunis, gama murteessuun qopheessitoonni yemmuu qabiyyee Sirna Gadaadhiheessan sadarkaa addaddaa Gadaa  ittiin walitti fufinsaafi dagaagina qabaachuu Gadaa Oromoo keessatti akkaataa adeemsa baruu barsiisuutiif mijataa ta’uu danda’uun caasaa salphaarraa gara cimaatti wal duraa duubaan haala dhihaachuu qabaniin qopheessudha.

**2.10.Amaloota Gilgaala Gaarii**

Akka Nunan (1989), qorannoo gaggeesseen ibsetti gilgaalatti shaakalamuun baratamu haala addaddaa akka dhihaatu lafa kaa’ee jira. Kana irratti hundaa’uun gilgaalli barnootaaSirna Gadaa bifa ittiin dhihaateefi qaama sirna Gadaa baratamu Sirna Gadaa shaakalchiisuun amaloota qabaachuu qaban jedhee yaade akka armaan gadiitti tarreeffameen addeessee jira. Gilgaalonni barnoota Sirna Gadaa gaariin:

- ⇨ Barattoonni ogummaa sirna Gadaa barataniin hojjechuufi shaakaluu akka danda’an kan isaan taasisu;
- ⇨ Haala qabatamaa jiru irratti hundaa’uudhaan kan dandeettii walii galteedaree barnootaa keessatti shaakalchiisu;

- ⇨ Barattoonni rakkoo faruun gara yaada goolabaatti akka ce’an kan hirmaachisu;
- ⇨ Wantoota qabatamoo yookiin dhugaa ta’an irratti kan hundaa’u;
- ⇨ Barattoonni akka odeeffannoo waljijjiira kan hirmaachisu;
- ⇨ Barattoonni akka irra deddeebi’anii shaakalan kan isaan taasisudha.

Akka Nunan ibsetti, gilgaalonni barnoota Sirna Gadaa keessatti ogummaan afaanii barnootaf dhihaate kan ittiin shaakalamu waan ta’eef, bakka guddaa qaba. Gilgaalonni kun ammoo, haala barataan shaakaluu danda’uun dhihaachuun isaanii amala gilgaala gaarii isaan jechisiisu akka qabaatan yaada armaan oliirraa hubachuun nidanda’ama.

### 2.2.4. Qorannoowwan Aantee

Sakatta’a barruu walfakkii kana keessatti dhimmi gogeessa Sirna Gadaa oromoo walqabataniif qorannooleen hanga ammatti gaggeeffaman, kan qorannoo kanaaf ka’umsa ta’an bal’inaan jiraachuu baatanis sirna Gadaa ilaalcha qorattoota biyya alaafi biyya keessaa biratti maala akka fakkaatu agarsiisuuf yaaliin taasifameera. Kana malees warri jila irratti qorannoo gaggeessan ulaagaa akkami fayyadamuun akka qoqqoodaniifi qaacceessan hubameera.Kana ilaalchisee qorannoo muraasa digirii jalqabaatiifi lammataa guuttachuuf hojjaman tokko tokko akka fakkeenyaatti dhiyaataniiru.

Sakatta’a barruu walfakkii digirii jalqabaa keessatti, gama jilaawwan ummata Oromoorratti qorannoowwan gaggeeffaman sakatta’amaniiru. Haaluma kanaan mataduree kana waliin walfakkaachuu baataniis, gama jilaawwan ummata Oromoo irratti kan gaggeeffaman keessaa akka fakkeenyaatti, Darajjee (1998) fi Gaaddisaa (2014).

Darajjee (1998) muummee Afaanotaafi Ogbarruu Itoophiyaa mata duree, “Be bishoftuu Ketema ye Irreechaa Be’aal akkabaabar sineqalaawii yizat” jedhuun dhiheesse yoo ta’u, haala raawwii ayyaannichaa keessatti qabiyyeewwan afoollan keessatti argaman Kan xiinxaleedha. Kunis qabiyyee kadhaa waggaa, galataafi dhiifama jechuun haala amantii Oromoo waaqeffannaa waliin walsimsiisuun, ija fookloориin akkamitti akka ilaalamu agarsiisa. Innis, jila Oromoorratti gaggeeffamuun kan walfakkaatu ta’uus, qorannoo kanaan gama qabiyyeen, afoola of keessatti qabatuun, haala raawwiifi kabaja jilaan garaagarummaa qaba.

# BOQONNAA SADII:MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti, walii galaqorannichaa,filannoo iddattoo qorannichaa, filannoo iddattoo qorannichaafi tooftaalee odeeffannoon ittiin sassaabame, akkasumas muuxannoo yeroo daawwannaa argaman walduraa duubaan dhiyaatee jira.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa yemmuu xiinxallu qabiyyee kitaabichaa guutumatti sakatta'uudhaa loqoda itti gargaarame, suuraafi ergaa fakkiiwwaniifi gilgaalota achi keessatti gargaaraman adda baasuudhaan xiinxaluuee jira. Qorataan kun bu'uura ragaatiin kitaaba kana xiinxalluudhaaf gosa qorannoo ibsaatti dhimma bayeera. Bu'aan adeemsa kanaan argamu isa odeeffannoo akaakuu tokko irraa argamu caalaa gaarii waan ta'eef, qorataan kun mala makaa fayyadame. Kanaafuu, odeeffannoo karaa sakatta'a dookumentiin argamaniif malli qorannoo akkamtaatti dhimma bayee jira.Kana irraa ka'en immoo, iddattoo filatameef tooftaa iddattoo miti-carraa gargaaramuun walitti fnaanee jira.

Malli qorannoon kun itti geggeeffame irra caalaan mala qorannoo ibsaa (descriptive research method) kan jedhutti gargaarameera. Innis, ragaa maddeen odeeffannoo irraa argame gara yaadaan gabbisuutti kanneen jijjiiramuu qaban jijjiiruun qaaccessuun ibsee jira.

## 3.2. Madda Odeeffannoo

Irraawwatamni qorannoo kanaa, Barnoota Gadaa Kitaaba Bataraa Kutaa 8ffaati.Odeeffannoo dabalataa sassaabame Naannoo Oromiyaa, Godina Arsii Lixaa, Bulchiinsa Magaalaa Dodolaa, barattoota kutaa 8ffaa mana barumsaa Dodolaa Sadarkaa 1ffaa, barsiisota Barnoota Gadaa mana barumsaa kanatti kutaa 8ffaa barsiisan, suuppervaayizera mana barumsichaati. Maddi ragaa tokkoffaa qorannoo kanaas, sakatta'a dookumentii yoo ta'u,Baay'ina barattoota bara kana (2013) kutaa 8ffaa tti galmaa'an dhiirri 67 yoo ta'an, dubarri immoo 53 dha. Walii galli isaanii 120 ta'u. Baay'inni barsiisotaa immoo tokko yoo ta'u dhiira, Akka waliigalatti maddi odeeffannoo barattootaa fi barsiisota kan xiiyyeeffataman ta'ee jira.

### 3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qabiyyeen Barnoota Gadaa Kitaaba Bataraa Kutaa 8ffaa bu'uura qoratichaa yemmuu ta'u Odeeffannoo dabalataa Filannoo iddattootaa /hirmaattota/ qorannoo filachuu irratti tooftaan carraa hojii irra oola.Gama biraatiin, amala gaaffilee odeeffannoo funaanuuf qophaa'an irratti hundaa'uun malli qorannoo makaa (mixed method) itti tajaajilama.

Kana irraa ka'en immoo, iddattoo filatameef tooftaa lamaan iddattoon ittiin filataman dhimma kanitti bahe ta'a. Isaanis: tooftaa iddattoo miti-carraa fi tooftaa iddattoo carraati. Fakkeenyaaf, baay'ina irraawwattootaafi iddattoo murteessuu irratti tooftaa miti-carraa jalatti kan argamu iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) kan fayyadame yoo ta'u, innis iddattoonni waa'ee qorannoo sana irratti odeeffannoo ga'aa qaba jedhee filate. Kana jechuun, akka kaayyoo qorannichaatti yookiin qoratichaatti deebistoota yookiin odeef-kennitoota filateedha.

Odeeffannoon qorannoo kana geggeessuuf gargaaru kan walitti qabamee barattoota bara 2013 mana barumsaa kanatti kutaa 8$^{ffaa}$ baratan Waliigala 120, barsiisota Barnoota Gadaa kutaa kana barsiisu 1, suupparvaayizera mana barumsa kanaa 1 fi kitaaba barataa Barnoota Gadaa kutaa kanaaf qophaa'erraayi. Haa ta'u malee, barattoota kana hunda irraa odeeffannoo fudhachuun baayyee ulfaataadha.Kanaafuu, barattoota hundaaf carraa wal qixa ta'e kankennuu danda'u mala iddatteessuu carraa /simple random sampling/tti gargaaramuudhaan barattoota %30 jechuun barattoota 36. Barsiisonni kutaa kana barsiisan tokko qofa waan ta'eef mala miti-carraa jalatti kan argamu mala ammargeetti fayyadamuun isaafi suupparvaayizara 1, walii galatti, iddattoonni 36 qorannoo kana keessatti akka madda odeeffannootti fudhatamu. Itti dabalataanis, Kitaaba barataa Barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ keessatti qabiyyeewwan dhiyaatan irratti xiyyeeffachuun sakatta'uun akka madda odeeffannootti fudhatamu.

#### 3.3.1. Filannoo Barattootaa

Baay'ina barattoota mana barumsichaa keessatti argamanii kutaa 8$^{ffaa}$ barachaa jiranii 120 yemmuu ta'an,dareewwan 3 tti baay'ina barataa 40tti tartiiba qubeetiin qoqqoodamanii argamu. Barattoota kanneen hunda irraa odeeffannoo fudhachuudhaaf qulqullina qorannoo irratti rakkisaa ta'a.Adeemsi barattootni kunniin ittiin filatamanis, daree tokko keessa iddattoo 12tu barbaadama. Sababni isaa, daree hundaaf carraa walqixa ta'e kennuuf jecha %30 barattootaa iddattoof filataman daree hundaaf yoo gargar hiraman 36 dhufa waan ta'eef daree sadan irraa bifa walfakkaatuun barattoonni filatamu

### 3.3.2. Filannoo Barsiisotaafi Suuppervaayizeraa

Barsiisonni mana barumsichaatti Barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ barsiisaa jiran baay'inni isaanii 1 qofa waan ta'aniif qoratichi hunda isaanii fudhachuudhaan odeeffannoo irraa fudhateera. Akkasumas, suuppervaayizerri mana barumsa kanaa tokko qofa waan ta'eef barsiisotas, suuppervaayizera mana barumsaa kanaas idatteessuu mit-carraa jalatti kan argamu mala iddatteessuu ammargeetti gargaaramuun filatameera. Malli kunis, akkuma maqaa isaa irraa hubannu kan ragaa qorannoo koof barbaachisan qaama dhimmichi ilaallatu keessaa ammuma argamerraa odeeffannoo funaanuun qorannoo geggeesseera.

## 3.4. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanamu

Qorataan kun yeroo qorannoo kana geggeessetti ragaa quubsaa ta'e argate tooftaalee odeeffannoon ittiin funaanamekeessaa sakatta'a dookumentii, bargaaffiifi af-gaaffiitti dhimma baheera.

### 3.4.1. Sakatta'a Dookumentii

Malli odeeffannoon qorannoo kanaa ittiin funaaname keessaa inni jalqabaa sakatta'a dookumentiiti.Wanti sakatta'ames qabiyyeewwan kitaaba barataa Barnoota Gadaa kutaa 8$^{ffaa}$ ti. Kitaabichis boqonnaa 10 kan qaba. Cheeklistii qopheeffachuudhaan qabiyyeen kana irratti hundaa'uun, walqabataafi itti fayyadama afaanii isaa maal akka fakkaatukan jedhu adda baasee walsimachuu dhiisuu isaa sakatta'uun dhiyeesseera. Cheeklistichis:hiikajechootaa (ulfaatina), loqoda (hunda galeessa ta'uu) fakkeenyota fudhatan (Godinaalee Oromiyaa hunda bakka bu'uu), Shaakaloota, fakkiilee kitaabicha keessatti dhiyaatan akkasumas hubannoo (beekumsa) barattoonni qabatanii gara mana barnootaatti dhufan hammachiifama.

### 3.4.2. Bargaaffii

Bargaaffiin mala qorataan kun odeeffannoo ittiin walitti qabatu keessaa isa tokko. Sababa meeshaan kun filatameefis, odeef-kennitoonni hedduu irraa altokkotti odeeffannoo hedduu walitti qabachuuf mijataa waan ta'eefi odeef-kennitoonni sodaa tokko malee bilisa ta'anii yaada isaan kennan walitti qabachuufiKana malees, barattoonni itti fayyadamtoota qabiyyee sanaa waan ta'aniif, qabiyyicha xiinxalanii yaada isaanii kennanii jiru. Qorataan kunis, gaaffii barreeffamaa bifa gaaffii banamoofi cufamootiin barattootaaf waraqaa irratti qopheessuun daree barnootaa keessatti yeroo walfakkaatutti rabsuufiidhaan akka deebisan taasiseera.Gaaffileen Kunneenis, gaaffiwwan cufaa kanneen filannootiin

deebi'an 5 (shan) fi gaaffiwwan banamoo kan barattootni yaada isaanii barreessuun ibsan 5 (shan) kan hammateedha.

### 3.4.3. Afgaaffii

Mala qorataan odeeffannoo ittiin walitti qabate inni sadaffaan afgaaffiidha. Sababni malli kun filatameef, afgaaffiin odeeffannoo bargaaffii jalaa harca'anii hafan gadi fageenyaan ibsee argamsiisuu irratti mijataa waan ta'eefidha. Malli ragaa funaansaa inni kun immoo barsiisaafi suuppervaayizeraaf qophaa'a. Kunis, karaa lama ilaalameeti.Tokkoffaan, baay'inni barsiisota Barnoota Gadaa mana barumsaa kanatti barsiisaa jiran muraasa waan ta'aniif yeroo hedduu hin gaafatu.Inni lammaffaa immoo, gaaffilee kallattiifi qaxxaamuraa dhiyeessuun ragaa yookiin odeeffannoo quubsaa ta'e waan argamsiiseef. Qoratichis, dhugaa jiru kana bu'uura godhachuun haala gaariitiin madda ragaa qorannoo kanaa ta'uu danda'u kan jedhu mariiseera. Qoratichi fiixaan ba'insa qorannoo kanaatiif madda odeeffannoo ta'anii yaada isaanii bilchinaafi gadi fageenyaan ibsuu danda'u jedhee kan itti amane mala iddatteessuu ammargeetti gargaaramuun barsiisota mana barumsaa Barnoota Gadaa Dodolaa Sadarkaa 1$^{ffaa}$ kutaa8 $^{ffaa}$ barsiisa tokkoofi suuppervaayizera mana barumsichaa tokkoof muuxannoo qaban irraa ka'anii odeeffannoo qorannoo kana gabbisu waan kennaniif akka madda odeeffannootti dhimma itti baheera. Kanaafis, af-gaaffiin caasseffamaa qophaa'eera.

## 3.5. Tartiiba Odeeffannoon itti funaaname

Odeeffannoon qorannoo kanaaf funaaname haala armaan gadiitiin kan geggeeffameedha. Kunis, jalqabarratti odeeffannoo dookumentii irraa argametu walitti qabame.Itti aansuudhaanis, bar-gaaffii barattootaaf dhiyaatete walitti qabame.Dhuma irrattis, afgaaffii barsiisotaafi suuppervaayizeraaf taasifametu walitti qaacceffame.Bar-gaaffiin kunis, mana barumsaa keessatti yeroo walfakkaatutti odeefkennitootaaf rabsamee funaaname yoo ta'u, tooftaa qorataan itti gargaarame kunis, rakkoo deebii kennuurratti uumamu hambiseera.

## 3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Odeeffannoon bifa garaagaraatiin maddoota adda addaa irraa walitti qabame kun bifa lamaan hiikame. Isaanis: odeeffannoo ammamtaa/quantitative data analysis/fi odeeffannoo akkamtaa /qualitative data analysis/ yemmuu ta'an, gabateetti gargaaramuudhaan dhibbentaatti gedderuun ibsuufi jechootaan yookiin himootaan ibsuu yemmuu ta'an tartiibolee armaan gadii keessa darbuun hiikame.Iddattoonni

ragaa barbaachisaa ta’e kennuufi dhiisuu mirkaneeffachuu, qabiyyeewwan barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$f dhiyaatan sakatta’uun  odeeffannoowwan argaman keessaa kan walitti dhufeenya qabaniifi hinqabne addaan qooduu yookiin seecca’e, ragaalee gareetti qoqqoodee,  gabateetti galcheefi dhibbentaatti geeddareefi dhuma irratti hiikaafi ibsa itti kennee gara goolabaafi yaada furmaatatti deemeera.

### 3.5. Tartiiba Odeeffannoon itti funaaname

Odeeffannoon qorannoo kanaaf funaaname haala armaan gadiitiin kan geggeeffameedha. Kunis, jalqabarratti odeeffannoo dookumentii irraa argame cheeklistii qophaa’een erga walitti funaanee booda akkaataa kaayyoo qorannichaafi bu’uura gaafilee qorannaatiinfunaanee  jira.

### 3.6. Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Odeeffannoon bifa garaagaraatiin madda kiraaba Gadaa Kutaa 8ffaa irraa walitti qabame kun bifa lamaan hiikame. Isaanis: odeeffannoo ammamtaa/quantitative data analysis/fi odeeffannoo akkamtaa /qualitative data analysis/ yemmuu ta’an, cheeklistiitti  gargaaramuudhaan ibsuufi jechootaan yookiin himootaan ibsuu yemmuu ta’an tartiibolee armaan gadii keessa darbuun hiikame.Iddattoonni ragaa barbaachisaa ta’e kennuufi dhiisuu mirkaneeffachuu, qabiyyeewwan barnoota Gadaa kutaa $8^{ffaa}$f dhiyaatan sakatta’uun  odeeffannoowwan argaman keessaa kan walitti dhufeenya qabaniifi hinqabne addaan qooduu yookiin seecca’e, ragaalee gareetti qoqqoodee, cheeklistitti  galcheefi geeddare dhuma irratti hiikaafi ibsa itti kennee gara goolabaafi yaada furmaatatti deemeera.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI IBSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti xiinxala hiika ragaaleefi argannoowwan xiinxala funaansa ragaatiin argamanituu dhiyaate.Kunis odeeffannoowwan sakatta'aa Dookimentii, gargaaramuun walitti qabate kanneen haala walitti dhiyeenya qabaniin qindaa'uun xiinxalamanii jiru. Haaluma kanaan sakatta'a dokumentii irraa oddeeffannoo argachuuf qaaccessi kitaaba barataa Gadaa kutaa saddeeteffaa erga raawwatee booda odeeffannoowwan kanneen funaansa ragaatiin argaman haalan qaacceeffamanii jiru. Bifuma kanaan qorannoon kun xiinxala qabiyyee kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa saddeeteffaa kan xiyyeeffatee waan ta'eef qorattichi muuxannoo qaburraa ka'uun jalqaba rakoolee gama qabiyyeetiin mul'atan maal maal akka ta'an addaan baasuuf kitaaba barnootaa kana xiinxaluun qabiyyeewwan boqonaalee dhiyaatan jalatti argaman sakatta'uu danda'eera. Akkasumas, rakkoolee bira gahaman eeruuf xiinxala gaggeessee jira.

## 4. 1. Xiinxala Kitaaba Barataa Gadaa Kutaa Saddeeteffaa

Kaayyoon barnoota Gadaa inni guddaan barattoonni Sirna Gadaa yoo baratan waa'ee sirna Gadaa yookiin sirna Dimookiraasii hubachuu akka danda'aniifi SirniGadaa Oromoof bu'uura ta'eedha.Xiyyeeffannoon barnoota Gadaa biyya keenyaas, Qabiyyeen Sirna Gadaa kanarratti gahuumsa gonfachiisuun walqunnamtii barnoota sirni Gadaa jireenya hawaasummaa gargaaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala mijeessuudha.

Kaayyoowwan kana galmaan ga'uuf tattaaffiiwwan taasifaman keessaa inni guddaan qophii qabiiyyee barnootaatiqabiiyyeen barnootaa adeemsa baruu barsiisuu keessatti iddoo gudda qaban keessaa isaan beekamoon kanneen akka silabasii barnootaa, kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa isaan beekamoodha.qabiiyyee kanneen keessaayis silabasiin, kitaaba barataafi qajeelacha barsiisaatii ka'uumsaadha. Silabasiin barnootaa bu'uura meeshaa barnootaa biraatiif ta'e kun,kaayyoo guddaa galmi sagantaan barnootaa bu'aa barbaadame bira ittiin gahamuu danda'amu cimaa ta'e qaba.Akkasumas silabasiin sadarkaa lammaffaa marsaa tokkoffaa barnootaa Gadaa kutaa Saddeeteffaa Gadaaf qophaa'e qabiyyeewwan adda addaa kanneen akka Dabballeefi Gaammee xixiqqoo ,Gaammee Gurguddaafi Kuusaa, Raabaafi Doorii,Gadooma, JilaGadoomaa,Baatuma,Yuuba ,Gadamoojjii, Dhahafi Gadaafi Dimookiraasii bu'uraa, hiika jechootafi caasluga keessatti hammachiisuun qophaa'ee hojiirra oolee jira.Qabiiyyeen kitaabicha keessatti hedduu isaa jiddugaleessummaa naannoo Gujii fi Booranaa bu'uureeffate, kanaafuu Oromiyaa hunda jiddugaleeffatuu qaba.Boqonaa tokkoo

hanga saddeetii jiran boqonnaa tokko jalatti yookiin mata duree guddaa tokko jalatti qophaa'anii barsiifamuu qaban.

Dabalataanis kaayyoo sirna baruu barsiisuu galmaan ga'uuf carraaqqiiwwan godhame keessaa inni biraa immoo qophii kitaaba barataati. Kitaabni barataa barnooni Gadaa kuta saddeeteffaa bara (2013) nitti qophaa'ee hojiirra oolees boqonnaalee gargaaraa kudhan ta'aniifi barannoowwan adda addaa qabiiyyeewwan gargaaraa kaneen sirnoota Gadaa, Dabballee, RaabaGadooma, Yuuba, Foollee, akkasumas afoolaafi ogbarruu barreeffamaa hammachuun qophaa.ee jira. Shaakalliifi gilgaalonni adda addaas kan barattoota sadarkaa kanaatti qabiyyeewwan dhiyaatan kana shaakalchiisan keessatti qophaa'anii jiru. Akkasumas qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruu barsiisuu, yaadannoowwan gaggabaaboo, qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan tumsan, kaayyoo barumsichaa galmaan gahuurratti hojii barsiisaatiif tumsa gochuuf baruma sana kitaaba barataa wajjin qophaa'ee hojiira ooleera.

Walumaagalatti qophiin qabiiyyee barnootaa kunniin sirna barootaa bu'uura taasifachuun barattootaaf odeeffannoofi hubannoo gargaaraa dhiyeessun beekumsaafi dandeettiiwwan adda addaa horachiisuuf qabiyyeewwan heddu hammatanii qopheeffamanii jiru.Haata'u malee qabiyyeewwankana keessaa jiran walsimatanii argamuu isaanii hubachuuf xiinxalli walsimannaa qabiyyee kitaaba barnootaa kana keessatti irratti godhameera.

### 4.2. Sakatta'a Qabiyyee barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa

Qorattichi xiinxala qabiiyyee barnootaa Gadaa kitaaba barataa kutaa Saddeeteeffa kan sakatta'aman dhimmoota qabiyyeewan kana keessatti argame gabateewwan kanaa gadii keessatti boqonna boqonnaadhaan sakatta'iinsi gadhame yaadaan xiinxalame jala jalatti ibsamee jira.

Sirna Gadaa haala qabatama naannoo kanaatitii darbee darbee kan mudhatu ta'uu isaati Haata'uu malee hawaasicha bal'aa biratti walfakkaatee kan hin gaggeeffamneedha. Qabiyyeen kitaabicha keessatti dhiyaate kan naannoo Gujii fi Booranaa bal'inaan kitaabichi of keessatti hammatame ta'ee naannoo qorannichi kun itti gaggeeffame keessatti haalli kitaabicha dhiyaateen kan walhisimne ta'uu, Haata'uu malee qabiyyee kitaabicha keessatti haalli naannoo kanaa darbee darbee kan mudhtuudha.

Afaan ittiin dhiyaate kan naannoo muraasa qofa irratti xiyyeeffateefi loqodoota hin waalta'iin kan itti fayyadaman fakkeenyaaf jechoota Makkala fi Jaldhaaba jedhamu dhimmi itti bahan naannoo

qorannoon itti dalagame kanatti hiika biroo kan arrabsoo of keessaa qaban ta’uu odikennaa irraa ibsameera.

Fakkiilee fi Suuraaleen kitaabicha keessatti dhiyaate kan naannoo Booranaafi Gujii keessatti xiyyeeffateedha qofa waan ta’eef akkasumasi Suuraan fakkicha kenname irratti ibsii gahaan lakkoofsaan ibsamuu osoo qabu hafee jira.

Faca’insa gilgaalotaa yoo ilaalle immoo, kitaaba kana keessa qabiiyyeewwan Sirna Gadaa akkasumas Loqodootaa fi sirna Dabballeewwanii dabalatee gilgaaloota gosa garaa garaa 49 jira. Akkuma gabatee 2ffaa irratti ibsame, garaagarummaan qabiiyyee haajiaratu malee,hundaa shaakalsiisuu yaalamera. Haata’u malee, akkuma ragaan kun mul’isutti, xiyyeeffannoon sirni Gadaa, beekumsa barattoonni irraa argattu kan kenname gadii aanaadha.

Xiinxala hanga ammaatti gaggeeffame keessatti xiinxalli qabiyyee barnootaa, barnoota Gadaa kutaa saddeeteeffaa qophaa’an irratti rakkoolee mul’atan adeemsa qorannichaa keessatti hubatamanii jiru.Kutaa kana jalatti immoo, yaadollee argannoo cuunfaafi goolabaa keessatti ibsamanirratti hundaa’uun yaadolee furmaataa kanneen xiinxala meeshaalee barnootaa kanneen irratti godhametuu dhiyaate.

Gabatee 4.2.1.Sakatta'a Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa

| Boqonnaa | Qabiyyee | Loqoda | Suuraa (fakkii) | Sirna (gocha raawwatame ) | Waalqa batiinsa yaadaa | Moggaasa ykn jecha haaraa | Ibsa gahaaf fakkeenya kenname | Shaakalaafi gilgaala | Fuula |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Dabballeefi gammee xiqqoo | Gujiifi Booran Toon-ta'in | Ijoollee umrii tokkoo hanga saddeetii | Gulantaalee gammee xiqqaa leenjii kuusaa | Ni qaba | Bantii rifeensa sammuu | kennamee ra | Hinga'oomsu | 1 |
| 2 | Gaammee guddaafi kuusaa | Goobamaafi qarree duraa, foora godaanuun | Leenjii Gaammee gurguddaa, Miseensota gulantaa kuusaa,seera bulchiinsa gadaa | Gaammee guddaa leenjii kuusaa | Ni qaba | Jila kabaja sirna adda addaa | kennameera | Hinga'oomsu | 7 |

Haaluma xiinxala gabatee tokkoffaa olii keessatti hubatameen boqonaalee lamaanuu keessatti wantoonni waliin hin deemne jiru. Kunis: boqonnaa1: gaaffiilee hubannoo 1 gulantaalee dabballee gadaa kam keessatti argamu jedhee ibsamus kan qabatamaan mul'atu ijoollee umirii dabbaloomaa keessatti argaman ta'ee ibsameera. Kunis gaaffii hubannoo 1 kitaba barataa keessatti kan ibsame akkana jedha "Dabballeen gulantaa Gadaa kam keessatti argamitti?kan jedhu, barreeffama ati dubbisa irratti hunda'anii gaaffii kanname akka deebisan kan jedhuudha.kanaafuu shaakalli barattoonni gaaffii kana jalatti shaakalan waa'ee ijoolleen umirii dabbalummaa keessatti argaman ta'uu mul'isa.kun qabiyyee dandeettiiwwanii mul'isa.

Yaadin gaaffilee hubannoo 1,fi 3 jalatti kenname, kan kitaaba barataa Gadaa keessatti kenname qabiyyeen keessatti keenname qabiyyeefi ergaan kitaabicha keessatti ulfaataa jedhaman fakkeenyaa fi ibsaan deeggaramee jiraa?Kan jedhuuf akka kennanitt Fakkeenynaaf. kitaaba barata keessatti kan jiru Dabballeen gulantaa ijoolleen umriin waggaa tokkoo hanga waggaa saddeetii keessatti argamaniidha jedhu xiinxalamee jira.

Boqonnaa 2: Gaammee Gurguddaa fi Kuusa Gaaffii Hubannoo 1Ijoolleen gaammee Gurguddoo maal maal irraa of eeguu qabu? Maalii? Kitaba barataa keessatti, yaanni ibsame akkana jedha "qaamaan wal tuttuqanii waliin taphachuun aada maleedha,dhiirrii fi shamarranhaala kamiinuu iddoo tokko yookaan siree tokko irra waliin rafuun dhoorkaadha. Kana maleesi gulantaa kana kana keessatti maatiin ijoollee dubaraa qofaa isaanii qe'ee irraa fageessanii hin ergani,akkasumasi dargaggoota naamusa gadhee qaban waliin bakka hin malle dhaabbachuufi hiriyyoomuunis aada malee jedhu yoo ta'u, Kanaafuu shaakalli barattoonni gilgaala kana jalatti shaakalan hubannoon qabiyyeen kitaaba kanaan kenname sadarkaa barataa kutaa saddeeteeffa qabiyyeefi ergaan kitaabichaa ulfaataa ta'uu xiinxalameera. ergaan kitaabicha keessatti ulfaataadha jedhaman fakkeenyaa fi ibsaan deeggarame kanmul'isuwalsimannaa dhabuu qabiyyee fi ergaamulisa.(kitaaba barataa fuula 8) irratti.

Barannoo2: jalatti gaaffii 2hojiilee ijoolleen gaammee gurguddaa hojjachuun maatii isaanii ittiin deeggaran maal fa'a? Ijoolleen gulantaa kana keessa jiran Guddinna Aadaa fi Aartii Oromoo keessatti gahee guddaa qabu.Kunis, ijoolleen dhiiraa galgala galgala walitti qabamanii yoo weeddisan, warrii dubarasi walgahanii weellisu.Bifuma Walfakkaatuun eddo hojii deemanittis waliin weeddisuufii weellisuun, miiraa fi hawwii qaban ibsatu. Haallii kuni immoo dagaagina aartii Oromoof bu'uura guddaadha.

Kanaafuu shaakalli barattoonni gaaffii hubannoo 2 kana jalatti shaakalan hubannoon qabiyyeen kitaaba kanaan kenname sadarkaa baratаа kutaa saddeeteeffa qabiyyeefi ergaan kitaabichaakeessatti xixalameera

**Gabatee 4. 2.2.Sakatta'a Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa**

| Boqonnaa | Qabiyyee | L o q o d a | Suuraa (fakkii) | Sirna (gocha raawwatame) | Waalqabatinsa yaadaa | Moggaasa ykn jecha haaraa | Ibsa gahaaf fakkeenya kenname | Shaakalaafi gilgaala | Fuula |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 3 | Raabaafi Doorii | Kuuchuu, habbarroo, dootummaa, sirba, mokkeewal-argii, xunnee, nadhii, buluu | Caasaa hoogganssa Raabaa, Caasaa hoogganssa Doorii kan Gujii ibsa | Ulfaataadha | Ni qaba | Gooroo gadoomaa waliigala yaada gadoomaa | Dhuma jila dubartootaa sirna korma qaluu | Hinga'oomsu | 18 |
| 4 | Gadooma | Buqqifama, arboora, hawaxxuuf, koonnituu, hookkuuf, qorbisa | hinjiru | ulfaataadha | Ni qaba | Caasaalee hoogganssa bulchiinsaa | Gadaa Liiban Jaldeessaa 2001-2009 | Hinga'oomsu | 33 |

Akkuma gabatee 2 irra hubannu, boqonnaa 3 keessatti sirn gadaa yeroo ammaa naannoo keessan keessatti gaggeeffamaa?Barannoon 1Raabaa fi Doorikitaaba barataa Gadaa keessatti hin jira.kun immoo garagarummaan naannoo hunda keessatti maal agarsiisa?

Akkasumas Gaaffiijaalattidubbisni "GulaantaaleeGadaakeessaa Dooriin sadarkaa murteessoodha" jedhukitaaba barataa keessatti akka qabiyyeetti qabiyyee jalatti ibsame malee qabatamaan barreeffame hin jiru.GaruuSirni Gadaa akkaataan itti gaggeeffamu naannoo gujii fi boorana yookoiin Godinoota Oromiyaa Muraasa qafatti ta'ee argameera.kitaba barataa keesatti qabiiyyeen Sirna Gadaa akka waan Oromiyaa Hunda Keessatti Ta'etuu ibsameera. Akka qaacceessa yaada kanatti sirni Gadaa naannoo keenya kanatti hedduu akka godinoota Booraanaa, Gujii fi Godinoota Shawaa keessatti sirnaan kan hin gaggeeffamne haata'u malee naannoo keenya kanattis ni gaggeeffama.Garuu kitaaba kana keessatti kan hin muldhanne ta'uu isaa qabatamaan irra gahameera

**Gabatee.4.2. 3.Sakatta'a Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa**

| Boqonnaa | Qabiyyee | L o q o d a | Suuraa (fakkii) | Sirna (gocha raawwatame) | Waalqabatiinsa yaadaa | Moggaasa ykn jecha haaraa | Ibsa gahaaf fakkeenya kenname | Shaakalaafi gilgaala | Fuula |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 5 | Jila gadooma a | Jiloota baallii, gachaa, barguda, gosee, baallii, liboomaafi jifuu, miinga, walaannaa | Abbaa Gadaafi Abbaa Murtii | Jila baallii fuudhuu | Ni qaba | Baallii-geettii Aangoo | Foollee | Hinga'oomsu | 42 |
| 6 | Baatuma | Baatuma, goloondii, beennachaan, soddom-buuranii | hinjiru | Abbaa Gadaa Baallii kennu | Ni qaba | Aduulaa fiixxee, Abbaa Gadaa | Hinjiru | Hinga'oomsu | 62 |

Akkuma gabatee 3 irraa hubannu, boqonnaa 5“Jila Gadoomaa jedhu” qabiyyee jalatti yaa ibsamu malee barattooni qabiiyee kitaaba Gadaa kutaa saddeeteffa barattootaaf keessattuu walta’ina afaaniitiin walqabatee kan itti cimu ta’uu bira gahameera.Akka waliigalatti qabiyyeen kitaaba Gadaa barattoota sadarkaa kana jiranitti yookiin kutaa saddeeteffaa keessatti qabiyyeen Gadooma jedhu barattootaan kan hinhubanne ta’uu bira gahameera.Sadarkaan barattonni umriin keessa jiran sirna gadaa kanaaf hubannoo kan hin qabne ta’uu ibsamee jira,Garuu kitaabilee hafan keessatti dhiyaatanii jiru. Kana malees qabiyyen kitaaba barataa keessaatti hiika Gadoomaa jecha jedhu dhiyaate Akkasumasi gara Godinaalee Gujiifi Booranatti baayinnaan hojiin isaanii kan muldhatu ta’uu isaati.Haata’uu malee kitaaba keessatti ibsa gahaa fi fakkeenyaan kanhin deeggarameeta’uu isaati.

**Gabatee 4.2.4Sakatta'a Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa**

| Boqonnaa | Qabiyyee | L o q o d a | Suuraa (fakkii) | Sirna (gocha raawwatame) | Waalqabatiinsa yaadaa | Moggaasa ykn jecha haaraa | Ibsa gahaaf fakkeenya kenname | Shaakalaafi gilgaala | Fuula |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 7 | Yuuba | Gujiifi Boorana Baatuu, Bannattoo, Shammagga, habaa, seeda,Qumbii, bacbacii, Hoolaa, Duba, Gonfuraa | Suuraa baallii dabarsanii | Ni ulfaata | Ni qaba | Lubooma-gadooma | Sirna Gadaa dhalootni gadoomaa keessa ture | Hinga'oomsu | 67 |
| 8 | Gadamo ojjii | Gujiifi Boorana Baatuu, Bannattoo, Shammagga, habaa, seeda,Qumbii, bacbacii, Hoolaa, Duba, Gonfuraa | Hinjiru | Ulfaataadha | Ni qaba | Luba-nama gulantaalee gadaa shaman seeraan hulluuqe | Yuubni baatuu 1ffaa baatuu 2ffaa jedhamuun | Hinga'oomsu | 72 |

Akkuma gabatee 4 irraa hubannu, boqonnaa 7 dubbisni kitaaba baratee keessatti dubbisni qabiyyee jalatti jira jedhamee ibsamerratti barreeffamni“Yuuba”jedhu dhiyaatee jira.

Kanaafuu dubbisa sana keessatti ibsi gahaafi fakkeenya gahaa ta’e dhabamuu fi shaakaloonni gahaa ta’anni fi gilgaalonn barattoota gahoomsuu danda’an dhabamuudha dabalataniisi fakkii fi sirni raawwii achi keessatti ibsa gahaa kan barbaadu ta’uu isaati. Akkasumas boqonnaa 8 keesatti “Gadamoojjii” kan jedhu dhiyaatee jira.Sirna Gadaa Keessatti Dhalootiin Gadoomaa keessa turee baallii dabarsee kennee gara gulantaa yuubatti ce’a. Yuubni gulantaalee afuri qaba.Fkn.Yuuba tokkoffaa(waggaa 49-56),Yuuba Lammaffaa (waggaa 57- 64), Yuuba Sadaffaa (waggaa 65 -72) fi Yuuba Arfaffaa (waggaa 73-80)jedhamu. Gulantaaleen Yuubaa kunneen iddoo garagaratti maqaa gara garatiin beekkamu.FKN Yuubin tokkoffaan baatuu tokkoffaa; yuubin lammaffaan baatuu lammaffaa jedhamuun beekkamu. Kana malees,gaaffiiwwan keessaa deebii kitaaba batataa keessattii dhiyaatan hedduu hin argamanne. Akkasumas boqonnaa 8 jalatti dubbisni” Gadamoojjii” kitaaba keessaatti barreeffamaa osoo hin dhiyaatin qabiyyee qajeelchichaa keessatibal’innaan kaayamee jira,

Walumaagalatti, qabiyyeewwan kana keessatti itti fayyadan afaanii kitaaba barnoota afaanii wajiin walbira qabnee yoo ilaallu kitaaba baratee gadaa kutaa saddeeteffaa kanaa kan kitaaba Afaan oromoo waliin hariiroo qabaniidha.

**Gabatee 4.2. 5. Sakatta'a Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa**

| Boqonnaa | Qabiyyee | L o q o d a | Suuraa (fakkii) | Sirna (gocha raawwatame) | Waalqabatiinsa yaadaa | Moggaasa ykn jecha haaraa | Ibsa gahaaf fakkeenya kenname | Shaakalaafi gilgaala | Fuula |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 8 | Dhaha | Gujiifi Boorana Lu'oo | Dhagaa, ummata, ji'ootaafi urjiilee | Haala dhaha gayyaafi dhaha ji'ootaa | Ni qabata | Ayyaantuu-dhaha dhooftuu | Maqaa ji'ootaa | Hinga'oomsu | 7 9 |
| 9 | Gadaafi Demokraasii | | Hinjiru | Sirna | Ni qabata | Gooroo gadoomaa | Chaartii gadooma waggoota (41-48) | Hinga'oomsu | 9 1 |

Akkuma gabatee5 irra hubannu, Boqonnaa9 Dhaha Oromoo shaakala dhaggeeffachuufi dubbachuu jedhee ibasamee jira.Hata'u malee, shaakalli gilgaala 2A Dhaggeffachuufi Dubbachuu jedhee dhiyaate, Dhaggeeffachuufi Barreessuudhaan ibsame jira.Kunis gigaalichi akkana jedha (barreeffama barsiisaan kee siif dubbisu dhaaggeffachaa iddoo duwwaa siif kenname guuti" jedhee gaaffileen iddoo duwwaa qaban (1-6) dhiyaatanii jiru.Kun immoo barattoonni bareessanii waan deebisuu danda'an qajeelcha keessatti ibsamee jira. Kanaafuu kan shaakalamee shaakala dhaggeeffachuufi dubbachuu osoo hin taane Dhaggeeffachuufi Barreessuudhaan ibsame jechuudha

Akkasumas, boqonnaa,10 jalatti mata duree"Dubbisa Gadaa fi DimookiraasiiAmmayyaa jedhuun jlatti kitaabcha keessatti qabiyyeewwan kaawwan kanneen akka Faayidaan Gadaan Qabu, Maalummaa Dimookiraasii hin jiran, garuu kitaba baratаa biroo keessatti dhiyaatanii jiru.Kana malees, gaaffiiwwan keessaa deebii malee kitaaba barataa keessati hin ibsamne, hin mul'atu bakka kanattis garaagarummaan qabiyyee birattis jira.

Akkumaa waliigalaatti boqonnawwan lamaan kanneen jalatti qabiyyeewwan hafan walsimanaan dhiyaachuuisaanii qabiiyyee kanneen xiinxalaanhubatameera.kunis Faayidaa Gadaa fi Dimookiraasii Ammayyaa qabu akka armaan olitti ibsanii jiru.kunis Gadaa fi Dimookiraasiin Ammayyaa mirga dhala namaatiif faayidaa qabu xiinxalamee jirahaata'uu maleeibsa gahaa bal'aa ta'eefi fakkeenyotaan deeggaramu dhabuu akkasumasi gilgaalootaafi shaakaloonni barattoota gahoomsuu danda'an bal'inaan kan hin jirre ta'uu xiinxala taasisameen bira gahameera.

**4.3. Bar-gaaffii (interview)BarattootaafDhiyaateefi xiinxala Isaanii.**

Qorataan milkaa'ina qorannoo isaatiif maloota ragaa yookaan odeeffannoo ittiin funaannate keessaa inni biraa gaaffii afaaniiti.Haaluma kanaan ragaa ykn.Odeeffannoo isaa haalaan cimsachuuf bar-gaaffilee shanbarattoota Godina Arsii LixaaAanaa Dodolaamana barnoota sadarkaa tokkoffaa jiddu galeessa Dodolaa, barnoota Gadaa kutaa saddeeteffaabarataa jiraniif dhiyeessee deebii isaanii akka armaan gadiitti qaaccessuun qindessee dhiyeessee jira.

**Gabatee 4.3.1 Sirna Gadaa yeroo ammaa naannoo keessanitti gaggeeffamaa**

| Gaaffilee | Saala | Eeyyen | | Lakki | |
|---|---|---|---|---|---|
| Sirni gadaa yeroo ammaa naannoo keessanitti kaggeeffamaa jiraa? | | | % | | % |
| | Dhi | 17 | 42.22 | 9 | 25 |
| | Dub. | 8 | 16.66 | 4 | 1.11 |
| | Ida. | 23 | 58.88 | 13 | 26.11 |

**Gabatee**.4. 3.1 armaan oliiraa wanni hubannu mana barnootaa barattoota dhi 26 Odeeffannoo kennan keessaa 17(%42.22) Sirni Gadaa itti fayyadamaa jiraachuu ibsanii jiru  barattoota dhi 9(%25) immoo Sirna gadaa kan naannoo keenyatti itti gaggeeffamaa hin jirree ta'uu barattootadub 10 odeeffannoo kennan keessaa 6(%16.66) SirnaGadaakanittigaggeeffamanta'uubarattoonni dub 4(%11.11) immoo kan sirna Gadaa kan hin gaggeeffamneta'uusanii ni hubatama.Akka waliigalatti Odeefkenitoota irraa hubatamuttii sirni gadaanaannoo isaan jiranitti kan gaggeefamaa jiru ta'uu ragaan xiinxalamee bira gahameera.

Gabatee 4.3.2 Qabiyyee ergaa kitaabichaa keessatti maal fakkaata

| Gaaffilee | Saala | Eeyyen | | Lakki | |
|---|---|---|---|---|---|
| Qabiyyeen ergaa kitaabichaa keessatti ulfaataa jedhaman fakkeenyaafi ibsaan deeggaraa? | | | % | | % |
| | Dhi | 4 | 11.11 | 22 | 61.11 |
| | Dub. | 7 | 19.44 | 3 | 8.33 |
| | Ida. | 11 | 30.55 | 25 | 69.44 |

Gabatee.4.3.2.armaan oliiraa wanni hubannu m/b/,barattoota dhi 26 Odeeffannoo kennan keessaa barattoota dhi 4(%11.11)"eeyyeen"Qabiiyyeen Ergaan kitaabicha keessatti Ulfaataa jedhaman fakkeenya fi ibsaan deeggaramee jiraa barattoota dhi 22(%61.11)"Lakki" immoo Qabiyyeen Ergaan kitaabicha keessatti Ulfaataa  miti jedhaman fakkeenya fi ibsaan deeggaramee jiraa barattoota dub 10 odeeffannookennankeessaa7(%19.44)Eeyyan Qabiiyyeen Ergaan kitaabicha keessatti Ulfaataa  miti jedhaman fakkeenya fi ibsaan deeggaramee jiraa barattoota dub 3(%8.33)"Lakki"immoo kan Qabiyyeen Ergaan kitaabicha keessatti Ulfaataa jedhaman fakkeenya fi ibsaan deeggaramee jiran ta'uusanii ni hubatamaAkka Waliigalatti qabiyyeen kitaabicha keessatti qophaa'e ibsa gahaa fi

fakkeenya gahaa ta'een kan hin ibsamne ta'uun odeefkennitoota ibsanii jiru.Qabiyyeen barsiifamu barattonni hubannoon isaan qaban laafaa ta'uu irraa kan ka'e ulfaatiin qabiyyee adda bahee jira .

Gabatee 4.3.3Qabiyyeen kitaabaa Gadaa kutaa 8ffaa baratan hubatamaa?

| Gaaffilee | Saala | Eeyyen | | Lakki | |
|---|---|---|---|---|---|
| Qabiyyee kitaaba Gadaa kutaa 8ffaa Barataan hubataa? | | | % | | % |
| | Dhi | 5 | 13.88 | 21 | 58.33 |
| | Dub. | 3 | 8,33 | 7 | 19.44 |
| | Ida. | 8 | 22.21 | 28 | 77.77 |

**Deebisa 3ffaa** Gabatee.4.3.3.armaan oliiraa wanni hubannu m/b/dhu,barattoota 26odeeffannoo kennan keessaa 5(%13.88) Jedhanii ibsanii jiru.'Lakki"jedhaman Qabiiyyeen kitaaba Gadaa kutaa 8ffaa barataan hubataa? 21(%58.33) dub immoo Qabiiyyeen kitaaba Gadaa kutaa 8ffaa barataan hubataa?10 keessaa 3(8.33) Lakki kan jedhan 7(19.44) ta'uusaanii nu hubachiisa.Lakki hin hubatan kan jedhan odeefkennitoota barattootaairraa xiinxalame ragaatiin hubatamee jira. kanaafuu qabiiyyeen barnoota Gadaa barataan baratu qabiyyeen isaa akka hin hubanne ta'uu. Yaada waliigalatti barattoonni caalmaan isan qabiyyee barnootaa dhiyaate kan hin hubanne ta'uu raga odeefkennitoota irraa argamanitti dhiyaatee jira.

**Gabatee 4.3.4** Qabiiyyee kitaabicha keessatti dhiyaate boqonnaan walitti hidhatiinsa qabaa?

| Gaaffilee | Saala | Eeyyen | | Lakki | |
|---|---|---|---|---|---|
| Qabiyyeen kitaabicha keessatti dhiyaate boqonnaa boqonnatti walitti hidhatiinsa qabaa? | | | % | | % |
| | Dhi | 17 | 47.22 | 9 | 25 |
| | Dub. | 9 | 25 | 1 | 2.7 |
| | Ida. | 26 | 72.22 | 10 | 27.7 |

**Deebisaa4ffaa** Gabatee.4.3.4 armaan oliiraa wanni hubannu m/b/dhu, barattoota 26 odeeffannoo kennan keessaa 17(%47.22) dub 10 keessaa (%25) Lakki walitti hidhatiinsa hin qabu kunis boqonnaa tokko keessatti sirna Gadaa keessatti Dabballee irraa kaasee hanga boqonnaa kudhanitti yuuba Gadamoojii jedhutti walitti hidhatee kan jiruudha. Ta'uusaanii nu hubachiisa m/b/ barttoonni 9(%25)dublakki1(% 2.7) ta'uusanii ni hubatama."Eeyyeen "walitti hidhatiinsa qaba kunis boqonnaa

tokko keessatti sirna Gadaa keessatti Dabballee irraa kaasee hanga boqonnaa kudhanitti yuuba Gadamoojii jedhutti walitti hidhatee kan jiruudha.

Gabatee 4.3.5 Fayyadamni afaanii kitaaba kana keessatti jirusi afaan oromoo walfakkaataa?

| Gaaffilee | Saala | Eeyyen | | Lakki | |
|---|---|---|---|---|---|
| Faaydaan Afaanii kitaaba kana keessatti jiruufi kan kitaaba biro wajjiin walfakkaataa? | | | % | | % |
| | Dhi | 22 | 61.11 | 4 | 11.11 |
| | Dub. | 9 | 25 | 1 | 2.77 |
| | Ida. | 31 | 86.11 | 5 | 13.88 |

**Deebisa 5ffaa**Gabatee.4.3.5 armaan oliiraa wanni hubannu m/b/dhu, barattoota 26 odeeffannoo kennan keessaa 22(%61.11) dub 9(%25) kan ta'an Fayyadamni afaanii kitaaba kana keessatti jirusi kan kitaabilee biro wajjii walfakkaataa?Lakki walhinfakkaatu kan jedhan dhi4(%11.11) dub immoo 1(%2.7) Fayyadamni afaanii kitaaba kana keessatti jirusi kan kitaabilee biro wajjii wal hin fakkaatuu? Jedhanii ibsuuni hubatama.

"Eeyyn" Rakkoon gama fayyadamiisa afaanii kitaaba barataa kana keessatti kiitabbilee biroo wajjiin kan wal fakkaatuudha jedhanii odeefkennitoota barattootaa irraa qaacceeffamee jira

Gabatee 4.3.6 Hiika Jechootaa Lafa Kaa'amee jiraa

| Gaaffilee | Saala | Eeyyen | | Lakki | |
|---|---|---|---|---|---|
| Hiiki jechootaa lafa kaa'amee jiraa? | | | % | | % |
| | Dhi | 23 | 63.8 | 3 | 8.33 |
| | Dub. | 2 | 5.5 | 8 | 22.2 |
| | Ida. | 25 | 69.35 | 11 | 30.65 |

**Gabatee.4.3.6**"Eeyyan kan jedhan akka armaan oliiraa wanni hubannu barattoota 26 odeeffannoo kennan keessaa 23(%63.8)Hiika Jechootaa Lafa Kaa'amee jira jechuun deebii kan kennan ta'uu dhi 3(%8.33) lakki jechuun deebii kennanii jiru. Dub immoo 10 odeeffannoo kennani keesaa 2(%5.5) Eeyyen Hiika Jechootaa Lafa Kaa'amee jira jedhu Dub 8(%22.2) Lakki Hiika Jechootaa Lafa Kaa'amee hin jiru jedhan ta‟uusaanii nu hubachiisa.

Walumaagalatti qoratan deebii deebistootarraa odeeffannoo argateen yaadni deebistoota shananuu walfakkaataa ta’uu hubateera. Kunis qabiiyyee kitaaba barnota Gadaa keessatti hanqinni jiru addaan bahee fooyya’uu baatee, kaayyoo barbaaddame bira gahamuuf hanqinni muudachuu akka danda’ufi gahuumsaafi dandeettii barattootaarratti, hubannoo gahaa argachuurratti dhiibbaan kan jiru ta’uu isaa hubateerra.

**4.4. Af-gaaffii (interview) Barsiisaaf Dhiyaateefi xiinxala Isaanii.**

1.Sirni Gadaa Naannoo ati barsiisstu keessatti gaggeeffamaa?

Akkaataa odeefkennaa kanatti “Eeyyen jedhaniiru “Garuu yaadin odeefkennaa ibsanitti sirn Gadaa haala qabatama naannoo kanaatitii darbee darbee kan mudhatu ta’uu isaati Haata’uu malee hawaasicha bal’aa biratti walfakkaatee kan hin gaggeeffamneedha. Sababin sirn Gadaa naannoo kanatti kana keessatti raawwatamuu dhabeef tokkoffaa Sirn abbaa irree akka ummanni aadaa ofii hin gaggeeffamne sirna ittiin bulmaata isaa akka hin gaggeeffane kan isaanii irratti fe’uudhaan sirn Gadaa akka dagatamaa dhufu tasiseera

Lammaffaa Babal’ina amantaa jiraachuu irraa kan ka’e hawaasichi gara amantaa hordofutti waan jiraniif. Sadaffaa Ammayyummaan baba’achuu irraa kan ka’e itti fayyadama sirnichaa laaffisaa dhufeera.

2. Qabiyyeen kitaaba keessatti dhiyaate qabatama naannoo barsiistu waliin deemaa?

“Lakki “Qabiyyeen kitaabicha keessatti dhiyaate kan naannoo Gujii fi Booranaatti qofa of keessatti hammatame ta’ee naannoo qorannichi kun itti gaggeeffame keessatti haalli kitaabicha dhiyaateen kan walhisimne ta’uu, Haata’uu malee qabiyyee kitaabicha keessatti haalli naannoo kanaa darbee darbee kan keessatti mudhtuudha.

3. Ulfaatini qabiyyee Barattoota biratti maal fakkaata?

Akka yaada odi kennaa kanatti qabiiyyeen kitaabicha Sirna Gadaa kun itti dhiyaate barattootaaf mitii barsoosootaafuu ulfaataadha. Sababin isaa kitaabichi kun sirna haaraa waan ta;eef barattootas ta’ee barsiisonni qabiyyee kanaaf haaraa ta’uu isaanii ,akkasumasi hubannoon barattoonn duubaa qabatanii dhufan kan hin jirre ta’uu irraa kan ka’eefiibarsiisaaf hubannoon kan hin kennamne waan ta’eef qabiyyeen barnoota keessatti dhiyaate waaltina kan hin qabne ta’uu.

4. Haalli qabiyyeen ittiin dhiyaate walitti hidhamiinsa qabaa?

“Eeyyen” Qabiiyyeen kun akkaataa qabiiyyeen dhiyaateen walitti hidhatiinsa qabaachuu isaa odikennaan ibseera.Akkasumasi hariiroo oleefi dalgee qabaachuu isaa ibsameera.

5. Fayyadamni afaanii kitaabicha keessatti dhiyaate hunda galeessaa?

“Lakki “Afaan ittiin dhiyaate kan naannoo muraasa qofa irratti xiyyeeffateefi loqodoota hin waalta’iin kan itti fayyadaman fakkeenyaaf jechoota Makkala fi Jaldhaaba  jedhamu dhimmi itti bahan naannoo qorannoon itti dalagame kanatti hiika biroo kan arrabsoo of keessaa qaban ta’uu odikennaa irraa ibsameera.Kanaafuu Afaan waaltina qabutti akka fayyadaman ta’uu.

6. Dhiyaannaan qabiyyichaa salphaa gara cimaatti kan qophaa’ee?

“Eeyyen “Akka odikennaan ibsetti dhiyaannan qabiyyee salphaa irraa gara cimatti kan dhiyaateedha.

Fakkeenyaaf wanti boqonnaa tokkoffaa keessatti dhiyaate sadarkaa Dabballee irraa hanga Gadamoojjii kan walfaanaa deemuudha.Qabiiyyeen barnoota Gadaa kutaa sadeeteffa boqonnaa tokkoo hanga saddeetitti jiran baqonnaa tokko jalatti deebi’anii qophaa’ee barsiifamee baay’ee filatamaadha. Sababbiin isaas boqonnaa tokkoo hanga saddeetii jiran hunduu isaaniitu sadarkalee Gadaa fi Dalagaa isaanii  kan barsiifaman waan ta’eef.

7. Kaayyoo,mul’ata, ergamaafi galma gahuu (dabarsuu) barbaadame karaa ifaafi qulqullina qabuun qabiyyee kana keessatti hammatamee jiraa?

“Eeyyen” Hammatameera kunsi kaayyoon mudhanni ergamaa fi galmi akka hawaasa bal’aafi dhaloota duubaan dhufaniif akka dabarsu yookiin dhaalaa akka dhufu kan of keessatti hammateedha.

8. Gaafileefi shaakaloonni qabiyyee kana keesatti dhiyaatan barattoota ga’oomsuu danda’an ga’aa ta’ee qophaa’an baay’inaan argamaa?

“Laakii” gaaffileen dhiyaatan boqonnalee tokkooffa hanga kurnyaffatti gaaffileefi shaakaloonn kana keessatti dhiyaatan hedduu isaanii kan hin gawoomsine ta’uu. Ulaagaa gaaffilee hundakan hin ammannee ta’uu isaati.

9.  Fakkii suuraaleefi eddu bu’een kitaabicha keessatti agarsiifaman hunda galeessaa?

“Lakki “fakkiilee fi Suuraaleen kitaabicha keessatti dhiyaate kan naannoo Booranaa fi Gujii keessatti xiyyeeffateedha qofa waan ta’eef akkasumasi Suuraan fakkicha kenname irratti ibsii gahaan lakkoofsaan ibsamuu osoo qabu hafee jira.

10. Qabiyyeewwan kitaaba kana keessatti hammatamuu qaban kan biroo jira jettee yaaddaa?

Yoo jiraate ibsi

Eeyyen jira Kan dabalamuu Seenaa achii asi dhuftee seenaa oromoo, Qaroomina,Sirnootaadda ddaa akkasumasi seeroota fi tumaataalee oromoo ofkeessatti hammatamuu qaba.

Gaafannoo Sup CRC deebii kennani

Duubdeebiin Barnoota kana irratti barsiisaafi barataa biraa ka’u maal fakkaata?

Akka qabiyyee kitaaba kanatti kitaabichii barattootafi bariiostaaf haarawa ta’uu irraa kan ka’e qabiyichi karaa salphaa ta’ee hubatamuu dhabuu isaa ibsameera.

Manneen barnootaa deeggartu irratti komiin qabiyyee kitaaba kanaan walqabatee ka’u maali?

Komiimiin maamiltoota irra ka’u waltina afaanii muldhachuu, ibsa gahaafi fakkeenyaan deeggaramuu dhabuu ,Gilgalootaa fi shaakaloonni dhiyaatan gahaa ta’uu dhabuu fi fakkileen qabiyyee keessatti dhiyaayaatan kan Godinaalee Lama keessatti xiyyeeffatameedha. Kanaafuu Rakkooleen kunnii gara qaama ilaallatuun akka furamu odifkennaan ibsseera.

3.Qabiyyeewwan kitaaba kana keessatti hammatamuu qaban kan biroo jira jettee yaaddaa?

Yoo jiraate ibsi

Eeyyen jira Kan dabalamuu Seenaa achii asi dhuftee seenaa oromoo , Qaroomina ,Sirnoota AddaAddaa akkasumasi seeroota fi tumaataalee oromoo ofkeessatti hammatamuu.

Akkawaliigalatti Suppayizarrii mana barnootaa haala waliigala rakkoo baruufi barsiisuu barataa, barsiisaa,meeshaa bararnootaa keessatti hanqinnaaleefi cimnnaalee jiran adda baasee madaaluudhaan hanqinna muldhatu irratti hordoffii fi deeggarsa barbaachisu gochuun qorannoo hujii irraa akka gaggeeffamu taasisuun kallattii kaa’uu waan danda’uuf itti fayyadamuu ykn qooda fudhachuu akka hirmaatu tassifameera.

### 4.2.7. Haala Gahuumsa Qabiyyee Barnootaa Gadaa kutaa Kana Keessaatti

Haaluma Xiinxala Barnoota Sadarkaa Tokkoffaa kutaa sadeeteffaaHaaluma Xiinxala Barnoota Sadarkaa Tokkoffaa kutaa saddeeteffaa kitaaba barataa barnoota Gadaa dandeettii (gahuumsa) Sadarka'a barnoota irraa Eegame akka armaan gadii kanatti hubatameera.Waan kana ta'eef akkaata sakatta'a qabiiyyee kanneenii irraa hubatametti ga'umsi baruufi barsiisuu bu'aa qabeessa ta'e qabiiyyeen barnootaa kanneen keessatti qabiyyeen barnoota Gadaa kutaa kanaa keessatti walsimannaan dhiyaatan dhiyaatanii jiru.Faayidaa sirnniGadaan oromoof qabu hima keessaa galchan ibsu. Akkaataa Dabballee fi Gaammeen xixiqqaa ittiin kennamu ibsu.Gaammee Gurguddaa fi kuusa sadarkeessuun kennu, Ijoollee gulantaalee dabballeen kaa'anii himuu, Maalummaafi gosoota Dabballee addan baasan ibsu., Gulantaalee Gaammee gurguddaa addaan baasanii ibsu., Gahee Gaammee Gurguddaa ni fudhatuGahee Kuusaa ni Hubatu , Maalummaa Raabaa Fi Doorii ni Hubatu,Maalumma Raabaa addaan Baafatu,Akkaataa Caasaan Hoogansaa Raabaa ittiin adeemsifamu,Gulantaa ce'uumsa Jiillee addaan baasan ibsu, Gosoota jila addaan baafatan himu, Maalummaa Sirna Gadoomaa addaan baafatanii ibsu ,Caasaalee Hoogansa Bulchiinsaa Gadaa ni ibsu,Adeemsa Jila Gadoomaa Gadaa keessatti addaan baafatu.

Walumaagalatti barattoonni barnoota Gadaa kana sadarka kanarratti baratan qabiyyeewwan Gadaa kanneen akka sirna Gadaa muuxannoo waliif dabarsu.Akasumas waa'ee gogeessa Gadaafi marsaa Gadaa itti fayyadamuu akka danda'an xiinxala qabiyyee barnoota Gadaa barnootaa kanneen keessatti dhiyaaterraa hubatamuun danda'amee jira. Haaluma kanaan dhimmootan kanneen ilaalchisee, haalli ittin walsimannaa qabiyyee barnoota Gadaa kanneen keessatti dhiyaatee jiru harki caalu kan walfakkaatuudha.

# BOQONNAA SHAN:GUDUUNFAA, ARGANNOO QORANNICHAAFI YABOO

Boqonnaa kana Keessatti, wantoonni ilaallaman: Cuunfaa, argannoofiyaboodha. Haaluma kanaan cuunfaan hojiiwwan qorannicha Keessatti hojjetamaniifi akkataa itti hojjetaman kan Keessatti dhiyaate yoo ta'u, argannoon yookaan goolaabni immoo, yaada cuunfamee qorannicha Keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun kallattii argannoon qorannichaa kan Keessatti ibsameedha. Yaboon immoo, argannoo qorannichaa irratti hundaa'uun yaadni furmaataa kan Keessatti ibsameedha.

## 5.1. Guduunfaa

Kaayyoon qorannoo kana haala qabiyyeewwan kitaaba barataa barnoota Gadaa kutaa Sadeeteffaa xiinxaluu yoo ta'u hanqinoonni mul'atan yoo jiraatan yaada furmaataa eeruudha. Kana raawwachuufis qorannoon kun malleen qorannoo keessaa gosoota qorannoo addeessaa/ ibsaafi sakatta'aan akka gaggeeffamu ta'eera.Meeshaalee funaansa ragaalee qorannichaa keessatti dhimma itti bahame sakatta'iinsa qabiyyee barnootaa kitaaba barataa barnoota Gadaa yoo ta,u dabalataanis ragaalee barsiisotaa fi barattootabarnoota Gadaa kutaa saddeetimana barnoota sadarkaa 1ffaabarsiisan irraa argaman adeemsa qorannoo makaatiixiinxalamanii ibsamanii jiru. Odeeffannoo argamanirratti hundaa'uun yaadolee argannoo hanqina qabiyyee barnootaa kanneen keessatti mul'atan cuunfamanii dhiyatanii jiru.Akka bu'aan xiinxala meeshaalee kanneen irra argame mul'isutti hanqinnaaleen qabiyyee barnootaa kana keessatti mul'atanii jiru.Haaluma kanaan akka qorataan argannoo odeeffannoo xiinxala ragaa qabiiyyee irraa argateefi ragaalee sakakata'a dokimentii af-gaaffilee fi bargaaffii dhiyaatanirraatti hundaa'uudhaan deebii deebistootarraa argaterratti bu'uureeffachuun qabiyyeen kunniin cimina hedduus qabaatan hanqinaaleenis jirachuun mirkanaa'ee jira.Hanqinaaleen mul'atanirrattis yaada waliigalaatiin akka armaan gadiitti kaayee jira. Isaanis:hanqina qabiiyyee loqoda naannoo hundagaleessa ta'e jiraachuu, keessattuu Sadarkaalee Gaammee xixiqqaa fi Gaamee Gurguddaa keessatti qabiiyyeen dhiyaatekan naannoo muraasa jiddugaleeffata'ee jiraachuu , hanqina qabiyyeewwan dhiyaataniif yaadannoofi ibsa dabalataa kennuu dhabuu, qabiyyeewwan tokko tokko keessatti fakkeenyaaf gaaffileen kitaaba barataa keessatti dhiyaataniifi deebiin qajeelcha barsiisaa keessatti deebiidhaan taa'e kan walhinsimne ta'uu, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti yaadannoon wa'ee Gaammee xixiqqaafi Gaammee Gurguddaa kenname wal-simuu dhabuu,qabiyyeewwan walfakkatanirratti irradeddeebiin jiraachuu(gaaffileedhumtti deebii tokko qaban boqonaalee adda addaa keessatti irraa deddeebi'amuu), qabiyyeee hennaawwanii keessatti gosti

hennawwan dhiyataniifi fakkenyi kennameef kan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaate kan walhinsimne ta'uu, gaaffileen keessaa deebii qajeelcha barsiisaa keessatti boqonna boqonnaadhaan gara boqonaalee tokko tokko dhumaarratti dhiyaataan kitaaba barataa keessatti walsimanaadhaan argamuu dhabuun (kandhiyaateta'uu dhabuun), qabiyyeewwan gurguddaa keessaa kan akka Sirna Gadaa barreeffamaa kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti mata duree ijoo ta'anii dhiyaatan silabasii keessatti qabiyyeen kun ifatti kaayamuu dhabuu qorataan hubateera.

Waluumaagalatti xiinxala qabaiyyee barnootaa Gadaa kutaa saddeeteffaa bara 2013 tti qophaa'anii hojii irratti yeroo kana argaman silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti xiinxala godhameen rakkooleen gargaaraa akka mul'atan xiinxala taasifamerraa hubachuun danda'ameera. Kanaafuu yaadoleen armaan olitti yaada guduunfaa jalatti eeraman kunniin fala argate taanaan hanqinnoonni kunniin akka fooyya'an qorataan mirkaneeffateera.Kanumaan wajjin walqabatee hanqinoota mul'ataniif qaamni sababa ta'uu danada jedhamee qorattichaan hubatame, qabiyyee sirna barnootaa kunniin yeroo itti qophaa'anitti, qopheessitoonni sirna barnootaa kanneen qopheessaniifi gulaaltonni qabiiyyee kanneen gulaalan sirriitti of eeggannoo godhuu dhabuufi haalaan sakatta'anii gulaalliin barbaachisu gadi fageenyaa godhamuufi dhabuun sababa rakkoo kanaa ta'uu danda'a.

Dabalataanis akka hubannoo qorattichaatti haaluma sakatta'a dokimaniitiirra hanqinoota jiran xiinxalaa barruu qabiiyyee kanneenii boqonnaa, boqonnaadhaan walcinaa qabuun sakatta'ee rakkoo jiru addaan bahee ibsametti, karaa qabiiyyee funaansa odeeeffannoo afgaaffiitiin odeeffannoon barattootaa irraa argamanis, yaaduma sakatta'a dokimeentii irraa argame kan cimsu ta'eetti hubatame. Odeeffannoo keennitoonni kunniin gaaffilee dhiyaateef yaada isaanii muuxannoo qabaniin bilisaan ibsaniijiru. Odeeffataanis, odeeffannoo barsiisota kanniinirraa argate cuunfee haala walfakktina isaaniitiin xiixalamanii wanti hubate odeeffannoon argame kan saktta'a dokimeentiitiin kan walfakkatuu ta'uu isaa hubateera.

Haaluma kanaan, odeeffannoowwan argamanis darbee, darbee boqonnaalee qabiyyee barnoota Gadaa kutaa saddeeteffaa keessatti, waliin deemuu loqodoota jechaarratti hanqinni jiraachuu,gama shaakaloota dandeettiiwwan qabiyyeetis,yaadni akka shaakalamu barbaadameefi yaadni mata dureen dhiyaatee argamuu kan waliin hin deemne ta'uufi gaaffileen kitaaba barataa keessatiif darbe darbee, deebiin qajeelcha barsiisaatiin kennamee kan waliin hin deemnne ta'uu haala odeefaannoo funaanameen hubatameera**.**

## 5.2. Argannoo Qorannichaa

Bu'uura kaayyoo qorannaa kanaa irratti hundaa'uudhaan, argannoowwan armaan gadii bira ga'uun danda'ameera.

Qabiyyee ilaalchiise:

Boqonnalee tokkooffa hanga kurnyaffattigaaffileefi shaakaloonnI kana keessatti dhiyaatan hedduu isaanii kan hubannoo barattoota waliigalaa giddugaleessa kan hingodhanne ta'uu. Ulaagaa gaaffilee hunda kan hin ammannee ta'uu isaati.

Sirn Gadaa haala qabatama naannoo kanaatitii darbee darbee kan mudhatu ta'uu isaati Haata'uu malee hawaasicha bal'aa biratti walfakkaatee kan hin gaggeeffamneedha. Sababin sirn Gadaa naannoo kanatti kana keessatti raawwatamuu dhabeef tokkffaa Sirn abbaa irree akka ummanni aadaa ofii hin gaggeeffamne sirna ittiin bulmaata isaa akka hin gaggeeffane kan isaanii irratti fe'uudhaan sirn Gadaa akka dagatamaa dhufu tasiseera Lammaffaa Babal'ina amantaa jiraachuu irraa kan ka'e hawaasichi gara amantaa hordofutti waan jiraniif. Sadaffaa Ammayyummaan baba'achuu irraa kan ka'e itti fayyadama sirnichaa laaffisaa dhufeera.

Qabiyyeen kitaabicha keessatti dhiyaate kan naannoo Gujii fi Booranaatti qofa of keessatti hammatame ta'ee naannoo qorannichi kun itti gaggeeffame keessatti haalli kitaabicha dhiyaateen kan walhisimne ta'uu, Haata'uu malee qabiyyee kitaabicha keessatti haalli naannoo kanaa darbee darbee kan keessatti mudhtuudha.

Afaan ittiin dhiyaate kan naannoo muraasa qofa irratti xiyyeeffateefi loqodoota hin waalta'iin kan itti fayyadaman fakkeenyaaf jechoota Makkala fi Jaldhaaba jedhamu dhimmi itti bahan naannoo qorannoon itti dalagame kanatti hiika biroo kan arrabsoo of keessaa qaban ta'uu odikennaa irraa ibsameera. Kanaafuu Afaan waaltina qabutti akka fayyadaman ta'uu.

fakkiilee fi Suuraaleen kitaabicha keessatti dhiyaate kan naannoo Booranaa fi Gujii keessatti xiyyeeffateedha qofa waan ta'eef akkasumasi Suuraan fakkicha kenname irratti ibsii gahaan lakkoofsaan ibsamuu osoo qabu hafee jira.

Faca'insa gilgaalotaa yoo ilaalle immoo, kitaaba kana keessa qabiiyyeewwanSirna Gadaa akkasumas Loqodootaa fi sirna Dabballeewwanii dabalatee gilgaaloota gosa garaa garaa 49 jira. Akkuma gabatee

2ffaa irratti ibsame, garaagarummaan qabiiyyee haajiaratu malee,hundaa shaakalsiisuu yaalamera. Haata'u malee, akkuma ragaan kun mul'isutti, xiyyeeffannoon sirni Gadaa, beekumsa barattoonni irraa argattu kan kenname gadii aanaadha.

Qabiyyeewwan Duraa Dubaa eeganii barsiisuun:

 Karaa duraa duuba qabiyyee eeganii dhiyeessuu kitaaba kanaa yommuu ilaallushanqinoonni tokko tokko nimul'atu.Kunis isa dura beekamuu qabu osoo hinbarsiisiin isa sadarka olaanaatti yoo utaallee barattoota burjaajesina.Fkn.Waa'ee Sirna Gadaa hin barsiisin garawaa'ee Dabblleewwaniifi Yuubaa ce'uun sirrii miti.Sirna Gadaa barsiisuuotoo hinshaakalsiisin Haala Gaammee Xiixiqqoo fi Gaammee Gurguddoo barsiisuun sirri miti.Haaluma kanaan kitaaba kana keessatis duraa duba qabiyyee eegurratti hanqinnoonni akka jiran ragaaleen nimirkanessu.

Qabiyyeewwan Sadarkaa isaanii eegurratti:

 Qabiyyee tokko sadarkaa tokkoof yommuu filatamu wantoonni xiyyeeffannaa keessa galuu qaban waan heddudha.Umurii barattootaa, duubee barattotaa (maal beekuu, maalhinbeekanii), bilchina sammuu, xiinsammuu isaani, aadaa ummatichaa, kkf kaasuun nidanda'ama.Silabasii sadarkaa sanaan duraa maal maal barsiisera jedhame mil'achuun barbaachisaadha.Kitaaba kutaa afurii barnoota Gadaakana yoo ilaalle qabiyyee tokko tokko sadarkaasaanitii gadii; inni tokko tokko immoo humna isaanii ol akka jiru ragaan nimirkanessa.Fkn .kutaa Afuritti Lubaafi sirna Gadaa Oromoo akka haaraatti barsiisuun, barattoota nufsiisudha. Karaa biraa immoo kitaaba kana keessatti "Dhaha Oromoo" kan jedhu qabiiyyee kanaan dhiyaateera. Kun ta'uu hin qabu sadarkaa barnoota afaan oromoo kutaa gadiaanattillee ibsameejira.

**5.2. Yaada Furmaata**

Boqonnalee tokkooffa hanga kurnyaffattigaaffileefi shaakaloonn kana keessatti dhiyaatan hedduu isaanii kan hin gawoomsine ta'uu. Ulaagaa gaaffilee hunda kan hin ammannee ta'uu isaati.

Qabiyyeen kitaabicha keessatti dhiyaate kan naannoo Gujii fi Booranaatti qofa of keessatti hammatame ta'ee naannoo qorannichi kun itti gaggeeffame keessatti haalli kitaabicha dhiyaateen kan walhisimne ta'uu, Haata'uu malee qabiyyee kitaabicha keessatti haalli naannoo kanaa darbee darbee kan keessatti mudhtuudha.

Qaamoleen dhimmi isaanilaallatu,qopheessota sirna barnoota gadaa irraa eegalee qamoleen barnoota irratti hojjetan sadarkaa sadarkaan kan jiraniifi hayyoonnii gadaayeroo yeroon qabiiyyee barnootaa kanneen madaaluu,hordoffii walirraa hin cinne gochuufi foyyaa'insa qorannaan deeggarame osoo godhanii gaariidha.

Afaan ittiin dhiyaate kan naannoo muraasa qofa irratti xiyyeeffateefi loqodoota hin waalta'iin kan itti fayyadaman fakkeenyaaf jechoota Makkala fi Jaldhaaba jedhamu dhimmi itti bahan naannoo qorannoon itti dalagame kanatti hiika biroo kan arrabsoo of keessaa qaban ta'uu odikennaa irraa ibsameera. Kanaafuu Afaan waaltina qabutti akka fayyadaman ta'uu.

fakkiilee fi Suuraaleen kitaabicha keessatti dhiyaate kan naannoo Booranaa fi Gujii keessatti xiyyeeffateedha qofa waan ta'eef akkasumasi Suuraan fakkicha kenname irratti ibsii gahaan lakkoofsaan ibsamuu osoo qabu hafee jira.

Faca'insa gilgaalotaa yoo ilaalle immoo, kitaaba kana keessa qabiiyyeewwan Sirna Gadaa akkasumas Loqodootaa fi sirna Dabballeewwanii dabalatee gilgaaloota gosa garaa garaa 49 jira.Akkuma gabatee 2ffaa irratti ibsame, garaagarummaan qabiiyyee haajiaratu malee, hundaa shaakalsiisuu yaalamera. Haata'u malee, akkuma ragaan kun mul'isutti, xiyyeeffannoon sirni Gadaa, beekumsa barattoonni irraa argattu kan kenname gadii aanaadha.

Qorannoo hanga ammaatti gaggeeffame keessatti xiinxalli qabiyyee barnootaa, barnoota Gadaa kutaa saddeeteeffaa qophaa'an irratti rakkoolee mul'atan adeemsa qorannichaa keessatti hubatamanii jiru.Kutaa kana jalatti immoo, yaadollee argannoo cuunfaafi goolabaa keessatti ibsamanirratti hundaa'uun yaadolee furmaataa kanneen xiinxala meeshaalee barnootaa kanneen irratti godhametuu dhiyaate. Qorataan qorannoo kanaaa hanga hubatetti yaadolee furmaataatti jedhee kan itti amane akka itti aanutti kan eeraman kanneeniidha.

Silabasii keessatti kanneen akka Gaammee xixiqqaa, Gaammee Gurguddaa, Dabballee fi Gadamoojjii akkuma kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti walsimanaadhaan dhiyaatetti silabasii keessattis qindoominaan dhiyachuun barbaachisaadha.Kanuma faanaas Sirni Gadaa barreeffamaa, akka qabiyyee of danda'ee dhaabbate tokkootti akkuma kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatetti qaama qabiyyee silabasicha keessati osoo hindagatamin walsimannaan argamuu qaba.

Akkasumas qabiyyee barnoota kana keessatti qabiyyeewwan walfakkaatan kanneen akka Sirna Gadaa fi sadarkaalee Gadaa jedhuu boqonnaalee adda addaa keessatti fafaca'amanii dhiyaatan naannawa tokkotti dhufanii osoo waljalatti hammatamnii dhiyaatanii hubannoo barataatiif mijaawaa ta'a.

Haaluma walfakkaatunis akkuma yaada cuunfaa jalatti ibsameetti Irra deddeebiin gaaffilee walfakkatanii kanneen yaaduma walfakkatan dabarsan sirraa'anii dhiyaachuu,jechoonni haaraan barattoota sadarkaa kutaa kanaa wajjin walgitu yeroo yeroon fooyya'anii qabiiyyee barnootaa kana keessatti dabalamuu barbaachisaadha.

Haaluma walfakkaatuunis gaaffiiwwan keessaa deebii qajeelcha barsiisaa keessatti boqonnaa, boqonnaadhaan dhumaarraatti dhiyaataan kitaaba barataa keessatis haaluma qajeelcha keessatti taa'aniin walsimannaan osoo dhiyaatanii hubannoo waliigalaa barattootaaf baayyee mijaa'adha.

Akkuma waliigalaattuu dubbisoonni yeroo baayyee qajeelcha barsiisaa keessatti qabiyyee kitaabicha jalatti jira jedhamanii ibsaman kana hin dhiyaanee jiru waan ta'eef sirreeffamni godhamuutuu eeggama.Dabalataanis dubbisa:" Gadamoojjii"jedhu wajjin walqabatee osoo qabiyyeen bal''nnaan irratti kennamee gaarii ta'a.kanneen dura jiranis xiinxauun hubannoo gabbiffachuudhaaf tumsa qabaachuusaa xiinxalameera. Walumaagalatti qabiyyee barnootaa kaneen keessaa silabasiin isa bu'uura waan ta'eef yaadoleen gurguddaan qabiyyee sirna Gadaa jalatti bal'inaan dhiyataniifi ibsaman kaneen akka Dabballeewwan,Gaammee xixiqqaa fi gurguddaafi Gadamoojjii kunniin irraa jalummaa isaanii eeggatanii silabasicha keessatti akka mata duree of danda'anii dhaabbatanii tokkootti walsimannaan qabiyyee wajjin qindoominaan dhiyaachuu qaba kan jedhu amantaa qaba.

Yaadoleen furmaataa dhiyaatan kunneenis, Qaama adda dureen silabasii, kitaaba barataafi qajeelchaa barsiisaa sirna barnootaaf qopheessanii dhiyeessan (qopheessitoota qabiiyyee barnootaa kanneenii) barsiisotafi supparvaayizar wirtuu manneen barnootafi barattoota qabiiyyee kanneenitti kallatumaan dhimma bahaniif dhaamsa ni ta'a jedhamee qorattichaan amanameera. Kinis qopheessitoonni kitaaba barnootaa haala qabiyye barnootaa walunachiisuun dhiyeessuurratti xiinxala gadi fageenyaa taasisuu, gulaaltonni qabiyyee barnootaa kanneen xiyyeeffannoo guddaa gochuun ciminaan sakatta'uun rakkoofi hanqina jiru yerootti furuu danda'uu irraa eegama.

Karaa biraatiin barsiisaanis yeroo baayye qajeelcha barsiisaa irratti hundaa'uun haaluma kaayyoo taa'een qabiyyee kanneen walbira ilaaluun hojii baruu barsiisuu gaggeessuun nibarbaachisa.Fakkeenyaaf rakkoo silabasiifi kitaaba barataa keessatti mul'atu fooyyeessuf qajeelchaa

barsiisaa waliin ilaaluun deeggarsa guddaa qaba.Kanaafuu qajeelchi barsiisaa gargaaraa barsiisaa ta'uun qaama dhiyootti argamu jechuun nidanda'ama.

Haata'u malee qajeelchi barsiisaatis hanqina qabiyyee akkasuma walfaanaa qabu taanaan yaadni barsiisaan barataa barsiisuufi wanti baratamu dogoggora ta'ee hanqina hubannoo uumuu isaa hin hafu waan ta'eef ofeegannoon qabiyyee kanneen keessatti haalaan gaggeeffamuu qaba.Kanaafuu qopheessitoonni qabiiyyee barnootaa kanneenii, dhimmaa qabiyyee barnoota Gadaa kutaa kanaarratti xiinxala gadifageenyaa gochuu akka qabantuu eerama.

Akkasumas rakkoo qabiyyeen barnootaa kanneen keessatti mul'atan kanaaf furmaata eeramerratti hundaa'uudhaan qorannoon mirkaneessuun fooyya'iinsa godhuun akka qabaatu eerama. Bu'uuruma kanaan qorqataan kun xiinxala qabiyyee dhiyaatan irratti hundaa'uun dhimma walsimannaa qabiyyee barnootaa Gadaa kutaa saddeeteffaa, silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan xiinxaluun hanqinoota mul'atan adda baasee kan furmaata jedhe eeree jira.

Walmugalatti hanqinaaleen arman olitt bira gahame kunniin qaama dhimmi ilaallatu hundaan fala yyoo argate galmii barbaadamu milkaa'ina olaanaan kan raawwatamu ta'a.

**WABIILEE**

Alamaayyoo Hayilee (2007). Sirna Gadaa. Siyaasa Oromoo Tuulamaa.

Maxxana1ffaaFinfinnee:BiraannaaSelam Printing Press

Alamuu yaadasaa (2012). Duudhaa Oromoo.Finfinnee:Mana Maxxansaa Alfaa.

Asaffaa Jaalataa (prof.), Oromummaa:Oromo Culture, Identity and Nationalism;Oromia publishing company,Atlanta Georgia,31146,2007.

_________ (2007).The Journal of Oromo studies.volume 14 Number

Asmarom Legesse.(2006). Oromo Democracy; An indigenous African political System: Asmara, The Red sea press,Inc

Asmorom Legesse .1973. GADAA. Three Approaches to the study of African Society New

__________(2000).Oromo Dimocracy. An Indiginous African Political System.Asmara: Red Sea Inc.

BATO.(2008). Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa. GUl. Gulaallii 2ffaa.Finfinnee: Berhanena Selam Printing Enterprise

_________. (2013). Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa.GUl.Gulaallii 3ffaa. Finfinnee: Berhanena. Selam Printing Enterprise

Bender, pp. 166-195. East Lansing. Michigan: Michigan State University Press

Binyam Kebede (2002):http://www.ethiopiafirst.com

Brown,H. D(2007). principles of language learning and teaching (5$^{th}$ed) NewYork.pearson,Curriculum and syllabus design in the post modern era. (2010). National ELT.

Candlin.Candlin. C and D Murphy (ed) 1987 Language Tasks. Engle

CunningsWorth.A.(1995). Choosing Your Course Books.London: Heineman.

Cook (2001) (1987). Candlin. C and D Murphy (ed) 1987 Language Tasks. Engle

Darajjee Tasammaa (1998). “Be bishoftuu ketama ye irreechaa Be’aal akkabaabar Sineqaalawii

Dirribii Damissee.(2012). Ilaalcha Oromoo. Barroo Aadaa, Seenaafi AmantaOromoo.Finfinnee:Mana Maxxnsaa Finfinee

Gragg, G. (1976). “Oromo of Wollega.”In The Non Semantic Language of Ethiopia, ed. M.L.
Isheetuu Irranaa.(2001). Ye Oromo Taarik kexint iska 1890 wochuu. Finfinnee.Dhaabbata Maxxansa Daldaa PLC.

Jenny Hammond,Fire from the Ashes. (1975-1991).A chronicle of the Ethiopia

Jonson, R. K.(1989). The Second Language Curriculum. Newyork: Cambridge University Press.

NEK-International Consultancy.(1999).Teachers Educaton Handbook: Institutefor Currculum Devlopment and Research. Minstry of Education: Addis Ababa

Nunan.D.(1988). Syllabus Design. Oxford: Oxford University Press.

Philip Briggs. (2002).Ethiopia,the Bradt travel Guide third EditionRoderick Grienson & Stuart munroHay.uk.london.

Richards. J and Renandya.W.(2002).Methedology in Language Teaching. Cambridge: Cambridge University Press.

Stuart munro-hay.2002.Ethiopia, The land a Cultural & Historical Guide,

Tamene Bitima. (2000). A dictionary of Oromo Technical Terms, Oromo- English.Berlin.Rudiger koppe Verlag kolin.

Warqinaa Abbaa Soorii (2008). “SIRNA GADAA”. Finfinnee.p.p. Finfinnee.

Yalden.J.(1983). The Communicative Syllabus: Evalution,Design and Implementation: Oxford Pergamon.

**DABALEE**

Gabatee Cheeklistii Sakatta'a Kitaaba Barattootaa Barnoota Gadaa Kutaa 8[ffaa]ittiin gaggeeffame

**Gabatee Sakatta'a Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Baratáa Kutaa 8[ffaa]**

| Boqonnaa | Qabiyyee | L o q o d a | Suuraa (fakkii) | Sirna (gocha raawwatame) | Waalqabatiinsa yaadaa | Moggaasa ykn jecha haaraa | Ibsa gahaaf fakkeenya kenname | Shaakalaafi gilgaala | Fuula |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |
| | | | | | | | | | |

Gaafannoo A

Yuunivarsiitii MaddaWalaabuu Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruu tiif

BARGAAFFII BARATTOOTAA Kutaa 8ffaa

Bargaaffiin kun qorannoo matadureen isaa **“xiinxala Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa”** jedhurratti gaggeessee kan dhihaatedha. Odeeffannoon qulqullinaafi amanamummaadhaan ati kennitu fiixa ba’iinsa qorannoo kanaaf gumaacha guddaa qaba.Kanaaf, shakkiifi ofqusannaa tokko malee akka deebistaniif abdii guddaatu isinirraa eegama.Filannoo deebii kee ta’etti mallattoo geengoo maruudhaan deebisi.Ragaa naaf kenniteef duraan durseen si galateeffadha.

Maqaa barreessuun hinbarbaachisu

Qorataa:Naboo Duubee

Odeeffannoo Odeefkennitootaa

A. Koorniyyaa: Dhiira___________ Dubara___________

B. Umurii: 15-20_________ 21fi isaa ol________

1.Sirni Gadaa yeroo ammaa naannoo keessanitti gaggeeffamaa?

A.Eeyyee B.Lakki

2.Deebii gaaffii 1ffaa “**Eeyyee”** yoo jette kan kitaaba keessa jiruufi kan naannoo keessanitti raawwatamu walfakkaataa?

A.Eeyyee B.Lakki

3.Qabiyyeen Kitaaba Gadaa kutaa 8ffaa barataan hubataa?

A. EeyyeeB. Lakki

4.Gaaffii lakkoofsa 3 (sadi) lakki yoo jette maal isaattuu ulfaata?

A.) Jechoota, Sirnoota raawwataman fi Fakkeenyota dhiyaatan

B) Ergaawwan darban fi Suuraa/fakkii achi keessa jiru

5.Qabiyyeen kitaabicha keessatti dhiyaate boqonnaa boqonnatti wal hidhatiinsa qabaa?

A. EeyyeeB. Lakki

6.Fayyadamni afaanii kitaaba kana keessa jiru kan kitaabilee biro wajjiin walfakkaataa?

A. EeyyeeB. Lakki

7.Deebii gaaffii 6ffaa **“lakki”** yoo jette garaagarummaan jiru maali?

A. Qabiyyee.                B. LoqodaC. Ergaa

8.Qabiyyeefi Ergaan kitaabicha keessatti ulfaata jedhaman fakkeenyaafi ibsaan deeggaramee jiraa?

A. EeyyeeB. Lakki

9.Hiikni jechootaa kaayamee jiraa?

A. EeyyeeB. Lakki

10.Qabiyyeewwan kitaaba kana keessatti qophaa’an waan ulfaataadha jettu yoo jiraate ibsi

__________________________________________________________________________________________________

11.Qabiyyeen keessaa hafuu qaba jettu yuu jiraate ibsi

__________________________________________________________________________________________________

Qabiyyeewwan itti dabalamuu qaban jettee yaaddu yoo jiraate ibsi

__________________________________________________________________________________________________

Gaafannoo B.

Yuunivarsiitii Madda Walaabuu Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa, Muummee Afaan Oromoo, Hogbarruu tiif

Afgaaffii Barsiisotaa

Afgaaffiin kun qorannoo matadureen isaa **“xiinxala Qabiyyee Barnoota Gadaa Kitaaba Barataa Kutaa 8ffaa”**jedhurratti gaggeessuuf kan dhihaatedha.Odeeffannoon qulqullinaafi amanamummaadhaan ati kennitu fiixa ba’iinsa qorannoo kanaaf gumaacha guddaa qaba. Kanaaf, shakkiifi ofqusannaa tokko malee akka deebistaniif abdii guddaatu isirraa eegama.Yaada kee bifa tasgabbii qabuun deebisi Ragaa naaf kenniteef duraan durseen si galateeffadha.

Qorataa: Naboo Duubee

Odeeffannoo Odeefkennaa

A. Korniyaa: Dhiira___________ Dubara___________

B. Umurii: _______ C. Sad.Bar. Dipp __________.Bed. (BA)________

D.Tajaajila Walii gala _______

1.Sirni Gadaa Naannoo ati barsiisstutti gaggeeffamaa?

2.Qabiyyeen kitaaba keessatti dhiyaate qabatama naannoo barsiistu waliin deemaa?

3.Ulfaatini qabiyyee Barattoota biratti maal fakkaata?

4.Haalli qabiyyeen ittiin dhiyaate walitti hidhamiinsa qabaa?

5.Fayyadamni afaanii kitaabicha keessatti dhiyaate hunda galeessaa?

6.Dhiyaannaan qabiyyichaa salphaa gara cimaatti kan qophaa’ee?

7.Kaayyoo, mul’ata,ergamaafi galma gahuu (dabarsuu) barbaadame karaa ifaafi qulqullina qabuun qabiyyee kana keessatti hammatamee jiraa?

8.Gaafileefi shaakaloonni qabiyyee kana keesatti dhiyaatan barattoota ga’oomsuudanda’an ga’aa ta’ee qophaa’an baay’inaan argamaa?

9.Fakkii suuraaleefi eddu bu’een kitaabicha keessatti agarsiifaman hunda galeessaa?

10.Qabiyyeewwan kitaaba kana keessatti hammatamuu qaban kan biroo jira jettee yaaddaa?Yoo jiraate ibsi

11.YaadaKeessaa hafuu kan qabu yoo jiraate ibsi

**Gabatee C.** Maqaa namootiin afgaaffii irratti hirmaatan

| T/L | Maqaa guutuu | Umrii | Saala | Aanaa | Ganda | Miseensa Gadaa | Hojii isaanii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Bashiir Gadaa | 17 | Dhi | B/M/D | 01 | Jiraataa | Sup CRC |
| 2 | Lalisee Muhaammad | 18 | | ‘’ | 02 | “ | B/ttuu |
| 4 | Durtee Ibraahim | 15 | | ‘’ | 01 | “ | “ |
| 5 | Abdukariim Qajeelaa | 17 | | “ | 01 | “ | B/taa |
| 6 | Abdukariim Nageessoo | 16 | | “ | 01 | “ | “ |
| 7 | Raahimatoo Amaan | 17 | | “ | 01 | “ | “ |
| 8 | Muhaammad Kadiir | 18 | | “ | 02 | “ | “ |
| 9 | Ahimaddiin Muhaammad | 15 | | “ | 01 | “ | “ |
| 10 | Haamziyaa Maamud | 18 | | “ | 01 | “ | B/tuu |
| 11 | Umar Nageessoo | 18 | | “ | 02 | “ | B/taa |
| 12 | Yaasin Shaggee | 16 | | “ | 01 | “ | “ |
| 13 | Sabboontuu Hajjii | 15 | | “ | 01 | “ | B/tuu |
| 14 | Ahimad Hajjii | 15 | | “ | 02 | “ | B/taa |
| 15 | Abdurahaman Hajjii | 16 | | “ | 01 | “ | “ |
| 16 | Huseen Guyyee | 17 | | “ | 01 | “ | “ |
| 17 | Huseen Waarituu | 18 | | “ | 01 | “ | “ |
| 18 | Umar Daddafoo | 15 | | “ | 02 | “ | “ |
| 19 | Naasir Muhaammad | 17 | | “ | 02 | “ | B/tuu |
| 20 | Yaasin Kadiir | 18 | | “ | 01 | “ | B/taa |
| 21 | Ashiim Aadam | 15 | | “ | 02 | “ | “ |
| 22 | Xaahir Eda’oo | 20 | | “ | 01 | “ | “ |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 23 | Aadam Kadiir | 19 | | “ | 01 | “ | “ |
| 24 | Ruudiinaa Kadiir | 15 | | “ | 01 | “ | B/tuu |
| 25 | Caaltuu Kinniisoo | 16 | | “ | 02 | “ | B/ttuu |
| 26 | Jamaal Abdurroo | 17 | | “ | 02 | “ | B/taa |
| 27 | Idiriis Hsanoo | 17 | | “ | 01 | “ | “ |
| 28 | Hasan Musxafaa | 16 | | “ | 01 | “ | “ |
| 29 | Aashim Musxafaa | 15 | | “ | 02 | “ | “ |
| 30 | Muussaa Hiikoo | 17 | | “ | 02 | “ | “ |
| 31 | Siraaji Hajjii | 15 | | “ | 01 | “ | “ |
| 32 | Haliimaa Qaasim | 18 | | “ | 01 | “ | B/ttuu |
| 33 | JibiriilQaasim | 15 | | “ | 01 | “ | B/taa |
| 34 | Aadam Tufaa | 15 | | “ | 02 | “ | “ |
| 35 | Mussaa Nuuree | 19 | | “ | 01 | “ | “ |
| 36 | Aadam Turaa | 17 | | “ | 02 | “ | “ |